Iddoon kun beeksisaaf banaadha

Dhaabileen Tajaajilaa fi Oomisha keessan beeksisuu barbaaddaniif lakkoofsa bilbilaa 0915039254 nu qunnamuu ni dandeessu

# GALAALCHA DIRREE

Iddoon kun beeksisaaf banaadha

Dhaabileen Tajaajilaa fi Oomisha keessan beeksisuu barbaaddaniif lakkoofsa bilbilaa 0915039254 nu qunnamuu ni dandeessu

Bara 1 Lakk. 22 | Maxxansa Torbe | Wixata - Fulbaana 10 - 2014 | Gatii Qar. 2:00

## Dhibbaa Koronaa-19 Roga industirii turizimii irraan ga'e irrissuuf hojjatama jiraa jedhame.

Adunyaa irratti mudachuu dhibee weeraraa Vaayirasii Koronaa-19 Dhibbaa Industirii Turizimii irraa ga'aa jiru irrissuun damicha dadamaqsuun Bu'aawwan Roga dinagadee fi hawasummaa damee industirii turizimii irraa argamuu qabu milkeessuuf karoorfamee kan kabajame taachaas Itti gaafatamaan Waajjira Aadaa fi Turizimii Bulchiinsa Dirree Dhawaa Obbo Muraad Badaawii ibsan.

Dirree Dhawaatti Guyyaan Turizimii Idil adunyaa Fuulbana 17 kan baranaa Dhaadannoo '' Turizimiin Guddina maraaf'' jedhuun kabajamu ilaalchisuun akka Bulchiinsa Dirree Dhawaatti Qophii gara garaan kabajameen Kurfii jalqabsiisan kabaja Guyyaa Turizimii kan ganama arraa Fuulbana 4 bara 2014 geggeefamee Oggeeyyiin Hojii Aartii gara garaan Dirree Dhawaatti boba'anii jiran kan irratti hirmaatan duula biqiltuu dhaabuu fi Duulli hojii Naannoo Qulqulleessuu raawwachuun akkasumaas Dorgommii



Gulufsiisa Baaskilaan kabajame irratti argamuun kan jalqabsiisan Itti Aanaa Kantiibaa Bulchiinsaa fi Hoogganaa Biiroo Daldala Indastiriin fi Investimentii Obbo Kadir Juhaar Magaalaan teenya Dirreen carraa guddina dinagdee bal'aa damee qabduun keessaa tokko kan ta'e Turizimiin hambaawan hawata Turizimii qabdu, bu'uraalee misooma Turizimii fi haala mjaawaa qabdu qixa sirrii hojiin beeksisuu raawwachuun guddina roga kana irraa eegamu galmeessuun xiyyeeffannoon hojjatamuu qabaa jedhan.

Qophii kabaja Guyyaa Turizimii kan Marii paanaalii geggeefame irratti Af-ya'iin Mana Marii bulchiinsa dirree dhawaa Kabajamtuu Adde Faxuum Musxafaa haasaa taasisaniin akka ibsanitti Magalaan dirree dhawaa magalaa sabaa sablammiin garagaraa keeysatti argamaan tahuu isiin kana turizimii wajjiin walitti qindeesuun turizimii induustirii babalisiisuuf qoodni gumaachu ol'anaa taachaas eeran.

Roga industirii turizimii irraa bu'aa argamu kan gama dinagadee fi hawasummaa qixasirriin argamsiisuuf xiyyeefannoo hojiin ballaan hojatamuu akka qabu dhaaman.

marii panalii qophaa'e

Sirna kabaja Guyyaa Turizimii kana irratti Ministeera Aadaa fi turizimii Federalaatti Deetaan Ministeera roga

Gara fuula 3 tti naanna'e

## Birrii Miiliyoona 350 Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa xumuruuf waliigalteen malatteefame.

Baasii Birrii Miiliyoona 350 (Birrii Miiliyoona dhibba sadii shantamii) Ijaarsa Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa guutumaan guutuutti xumuruun hojii jalqabsiisuuf 'Yuunivarsiitii Dirree Dhawaatii fi Dhaabbata Konistiraakshinii A.B' jidduutti waliigalteen malatteefame.

Sababa akkaan harkifachuu ijaarsaa fi Rakkoolee biroon ijaarsi isaa Waggoottaniif adda cittee kan ture Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa guutumaan guutuutti xumuruun hojii jalqabsiisuuf Yuunivarsiitii Dirree Dhawaatii fi Dhaabbata Konistiraakshinii A.B waliigaltee malatteessan.

Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa Tajaajila hawaasaaf laachaa akka jidugala



shaakallii tti Barattoota damee fayyaan Yuunivarsiitii Dirree Dhawaa akka itti gargaaramaniif Bulchiinsi Dirree Dhawaa Yuunivarsiitichaaf guututti kan kennamee ture Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa kun bara 2012 as ijaarsi isaa kan adda cittee jiru yoo ta'u waliigalteen Yuunivarsiitii Dirree Dhawaatii fi Dhaabbata Konistiraakshinii A.B waliin waliin mallateefameen ijaarsi yeroo ammaa dhibbeentaa 70 irra jiru guutumaan guutuutti xumuruun hojii jalqabsiisuuf waliigalteen Birrii Miiliyoona dhibba sadii shantamii ( Birrii Miiliyoona 350 ) kan walii

Gara fuula 9 tti naanna'e

## Jilli Itti Aanaa Kantiibaa duurfamu Daawwannaa jiila kaabinee bulchinsaa

Jilli Itti Aanaa Kantiibaa Ahmad Mahamad Buuhiin duurfame kan Miseensota kaabinee bulchinsaa hammate kun daawwannaa koollejjii Leenjii barsiiftoota Dirre dhawaatti argamuun kurfiin Sirna barnootaa Immammata barnootaa haaraa Itoophiyaatti hojjii irra ooluuf jedhu Kitaaba Immammata barnoota haaraa kan sadarkaa 1ffaa Sirna barnootaa Immammata haaraa qophii irra jiruu hojiiwwan hafan daawwataniiru .

Bulchiinsa Dirree Dhawaatti Kitaabni haarayni Barnoota sadarkaa 1 ffaa qophaawaa jiru haala irra ga'ee jiruu fi hojiwwan hafan ilaalchisuun hoggantootni Ol'aanoo daawannaa taasisan irratti Ibsi kennameera.



Sirni barnootaa haaraa waggoota dheeraan booda kan jijjiirte Itoophiyaan, waggaa haaraatti hojiirra oolchuuf deemtuun dhimmi Poolisii afaanii ilaalchisee wanti jijjiirame kan hin jirree fi Afaan dhalootaatiifi afaan Ingiliziin garuu kutaa 1ffaa irraa kaasee kennama. Dhimmi Barnoota afaan lammaffaa filannoorratti hundaa'uun kutaa 5 irraa kaasee kennama. Kanaan dura 4:8 jechuun kan caasefamee ture akka sirna barnoota haaraa ammaa kanatti 6:8tiin caasefameera. Kana jechuun qormaanni ministirii kutaa 8 irratti kan kennamu akka ta'e himuun, yoo kan mijaa'u ta'e ilaalamee ministiriin kutaa 6ffaa irrattis

Gara fuula 9 tti naanna'e

**JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA'AMUUN BU'URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!**

Yaassiin Abdallaattiin

# Namoota Biyya Indiyaatti jiraatti du'an

Namni du'e, lafa qabaachuu hin danda'u. Dhimma kanaan Indiyaatti namoonni hedduu du'aniiru jedhamuun galmaa'uun, lafti isaanii irraa mulqameera..

Maanguddoon Paadesar Yaadav jedhaman kun fayyaa guutuu qabu. Tahus garuu waraqaa irratti duutee jirta jedhamanii galmaa'uu wayita dhagahan guddoo nahan.

Jaarsi gannisaanii 80'tti dhiyaachaa jiru kun, erga intallisaaniifi abbaan warraashee du'anii booda, ijoolleessaanii lama guddisuuf dirqaman. Daa'imman kana guddisuuf jecha lafa abbaa isaaniirraa dhaalan gariin gurguran.

Ji'a muraasaan booda bilbilli adda tahe itti bilbilame.

''Namtichi ani lafa itti gurgure naa bilbilee, dhimmikoo mana murtii akka jiru natti hime. Firakoo keessaa tokko namootatti ani akkan du'e itti himuufi namni laficha gurgures nama sobaati jedhee akka haasawu natti hime.''

Maanguddoon kun battaluma kana dhagahanitti bakka amma jiraatan Kolkaataa irraa gara mandaraAzamgarh jedhamtu kan kutaa Utaar Piraadesh'tti argamtutti imalan. Wayita achi gahan, namuu isaan arguutti guddoo nahe.

''Akkan ekeraa wayii tahetti ija babaasanii na ilaalan. 'Ati duuteetta! Sirni awwaalcha keetis raawwateera!' naan jedhan.''

Akka Yaadav jedhanitti gurbaa eessuma isaaf tahan kanaan walitti dhiyaatu turan. Gara magaalaa oggaa dhufus isaaniin dubbisa ture. Garuu oggaa laficha gurguruuf yaada akka qaban wayita itti himanitti, isaan dhufee dubbisuu dhiise.

Ergasii akka baranitti gurbaan kun laficha akka dhaaletti fakkeesse. Jennaan maanguddoon kun fuulduratti itti dhiyaatanii haasofsiisan.

'''Nama kana tasumaa argee hin beeku. Eessumni koo du'eera.' jedhe. Baay'een nahe,'' jedhan Aabba Yaadav. ''Anis 'Kunoo ani jira, isin fuuldura dhaabbadhee. Akkamiin na wallaaltan?' ittiin jedhe.''

Maanguddoon kun guyyootaaf erga boo'anii booda, gaddasaanii garaatti qabachuun 'Indiyaatti Waldaa Namoota Jiraatti Du'anii' jedhamu qunnaman.,

Lal Bihaari Mritaak uffata asxaa 'Waldaa warra jiraatti du'an' qabu uffatanii

Dhaabbanni kun nama ganna 60'moota keessatti argaman Lal Bihaari Mritaak jedhamaniin hoogganama. Namni kun jiraatti du'uuf haaraa miti, jireenyasaanii gara caalu du'aniiru



jedhamanii jiraatan.

Bihaariin maatii harka-qalleeyyiirraa dhufan. Barnootas hin seenne, dubbisuufi barreessuullee hin danda'an. Ijoollummaa isaaniirraa qabee warshaa keessa hojjechuu eegalan.

Dargaggummaa keessa warshaa uffataa hundeessan. Tahus garuu daldala itti fufsiisuuf maallaqni isaan barbaachise. Baankiin ammoo liqeessuuf qabeenya wabiin qabatu barbaade.

Kana raawwachiisuuf gara waajjira mootummaa mandarasaanitti argamu dhaqan. Hojjetaan mootummaa achi keessa jiru dokumentii isaanii argeef.

Dokumenticha wajjiinis waraqaa ragaa du'aas wajjumaan argate - ragaa Laal Bihaari'n du'uusaanii mirkaneessu.

Aabba Bihaariin lakkii ani hin duune jedhanis namni isaaniif birmatu hin turre. ''Waraqaa kanarratti duuteetta kan jedhu ifatti taa'eera,'' jedhamuu isaanii yaadatu.

Wayita duutisaanii mootummaa biratti galmaa'u, lafaafi qabeenyi abbaa isaaniirraa dhaalan hunduu maatii eessuma isaanitti cehe.

Haga guyyaa har'aattillee kun dogoggora uumame tahuu yookaan ammoo daba eessumni isaa irratti raawwate tahuun ifa miti jedhu. Sanas tahu kana, jireenyi Bihaarii jeeqame.

Warshaan banan ni cufame, maatiinis rakkoo hamaaf saaxilame. Tahus garuu Aabba Bihaariin taatee kana harka maratanii hin ilaalle. Dhimmisaanii kun kan isaanii qofa akka hin taane baran.

Biyyattii keessatti gochaan akkasii baay'inaan akka gaggeeffamaa jiru hubatan.

Kanaanis dhaabbata 'Association for the Living Dead' jechuunis 'Waldaa warra jiraatti du'an' jedhamu hundeessan.

Akka tilmaama kaa'ame tokkotti, kutaa biyyaa Uttaar Piraadesh keessa qofa namoonni 'jiraatti du'anii' 40,000 tahan jiru. Hedduun isaanis kan hin baranne, hiyyeeyyiifi kutaa hawaasaa (caste) gadaanurraa kan tahanidha

Laal Bihaari Mritaak (gama mirgaan) 2015tti nama obboleessa isaan du'eera jedhame wayita argatan

Achis filannoo biyyaalessaarratti galmaa'uun, maqaa nama du'ee waraqaa filannoorratti galmeessan. Kunis hin gahu jechuun, yeroo sadiif nyaata lagachuun qondaaltonni jiraachuusaanii akka beekan qabsaa'an.

Dhumarrattis ijibbaatanii seera cabsan. Akkam jennaan, ilma eessuma isaanii ugguran. Maaliif kana godhan? jechuu maltu.

Namni wayita butamutti poolisiin inuma birmata waan taheef, poolisiin akka to'annoo jala isaan oolchu barbaadan.

Kanaanis yoo poolisiin hidhaa buusa taanaan, jiraachuusaanii mirkaneessa jechuudha - silaa nama du'e danda'anii qabanii hin hidhan. Haatahu malee poolisiin kan dursee beekee, kana keessa lixuu dhiise.

Dhumarrattis Aabba Bihaariin haqa argatan. Garuu maloota haaraa isaan fayyadamanii hinturre garuu - mootummaarraa.

Akkam jennaan, manni murtii dhimma isaanii akka haaraatti ilaaluun, ganna 18 duutee jirta erga jedhamanii booda, amma lubbuun jirta jedhaman.

Aabba Bihaariin jedhanitti waldaasaanii 'Waldaa Namoota Jiraatti Du'anii' jedhamu kanaan namoota biyyattii keessa jiran kumaatamatti lakka'amaniifi dhimmi walfakkaataa isaan mudate qarqaaruu himu.

Hedduun kaan ammoo akka isaanii carraa akka hin arganne dubbatu. Muraasni isaanii baroota dheeraaf yaalanii dadhabnaan of ajjeesaniiru, kaan ammoo otuma qabsaa'anii haqa osoo hinargatin lubbuun isaanii darbeera.

Abukaatoon namoota akkasii hedduuf falme Ani Kumaar, naannoo Azamgarh jedhamtutti namoonni odoo jiranii hinjirtan jedhaman yoo xiqqaate 100 akka tahan ni dubbata.

Dhimmi hunduu gargari jedha. Gaaf kaan dogoggorri hojimaataa ni mudata, gaaf biraa ammoo kanneen hojii mootummaa hojjetan matta'aa nyaachuun waraqaa ragaa du'aa kan sobaa baasu.

Dubbi-himtuun paartii Indiyaa bulchuu Bharatiya Janata Party (BJP) kan taate Shaina NC BBCti akka himteetti, mootummaan ammaa kun malaammaltummaa dhabamsiisuuf hojii guddaa hojjechuu himte.

''Biyya guddaa akka Indiyaa kan keessa taateen muraasni yeroo yeroo yeroon mudachuu danda'a. Garuu harki caalu bulchiinsa gaarii MM Naarendiraa Moodiin sirraa'eera,'' jette.

Erga Laal Bihaari Mritaak lubbuun hinjirtu jedhamanii galmaa'an ganni 45 darbeera. Erga irra deebiin lubbuun jiraachuu mirkaneessan ammoo barkurnee lama darbeera.

Haa tahu malee, har'as waggaa waggaan guyyaa dhalootaa 'irra deebiin itti dhalatan' ni kabaju - keekii guddaas ni muru. Garuu wayita keekichatti albee qabanii wayita muran, kan kaartoonii irraa tolfame malee, keekii dhugaa miti.,

Akka Bihaariin jedhanitti, har'allee namoota kutaa biyyaa garagaraa keessa jiraatanirraa bilbilli isaanii bilbilama. Isaanis akka lubbuun jiran akka mirkaneessuuf qarqaarsa isaanii gaafatu. Tahus ganna 66'tti humna dhabaa akka jiraniifi qabsoo kana dhaabuuf yaadaa jiru.

''Maallaqaafi humna waldicha ittin gaggeessu hinqabu. Namni na harkaa fuudhus hinjiru,'' jedhan.

Yeroo dheeraaf miidiyaan gurguddoon biyyaaleessaa harka-qalleeyyiif akka dhaabbatan abdii godhatanii turan. Mootummaanis kanneen matta'aa fudhatan akka adabu abdii qabu turan, garuu akka hawwii isaanitti hin taane.

Namtichi 'ani lubbuun jira' jechuuf ganna 18 itti fudhate, gaaf tokko isuma dhugaan du'uun isaanii hin oolu - tarii waan falmaa turaniif otoo hin milkeessin darbuu danda'u.

Maddi; bbcafaanoromoo

# Ijoo Dubbii

## Guyyoonni 365 akka nurratti hinhojjenneef irratti haa hojjennu

"Nyaata malee hojii hinbulchatan" jedha Oromoon. Miirri kutannoo jijjiiramaaf dhalli namaa qabu gara gara yoo ta'u, inni kaan yeroo qabutti haalaan fayyadamee humna guutuun hojjetee dinagdeesaa yoo fooyyessu kaanimmoo boru jechaa hiyyuma ofirratti goobsa.

Rakkoo keenya kaleessaa ilaallee barri dhufu bara luqqaas ykn quncaas jennee tilmaamuu dandeenya ta'a. Amma jireenya keenya kan jijjiiru tilmaama osoo hintaane miira kutannoo nuti jijjiiramaaf qabnudha malee ilaalcha duubatti hafaa rakkoo lallabu miti.

Waan kaleessa sii milkaa'uu dideef gadduu dandeessa. Kanarraa ka'uun hawwiifi fedhiin ati jijjiiramaaf qabdu laafa. Kanamalees mul'ata ati egereekeef qabdu haphachuun eeggattummaa jalatti akka kuftu sitaasisa.

Milkaa'uu dhabuunkee kaleessaa sindinqiin. Kaleessi seenaadhaa irraa baratta, har'i guyyaa hojiitii hojjedhu ni jijjiiramtaa. Inni dhufu bara mul'ata haaraan itti of ijaartuufi hawwiinkee itti milkaa'u waan ta'eef abdiidhaan eeggadhu jedhu hayyoonni kalaqaa.

Seenaan akka irraa barattuuf kan sigargaaru malee sakaallaa bara baraa ta'ee laaqii hiyyummaa keessatti kan sakaalee sihambisu gootee hinilaaliin. Kanaaf har'a ati nama addaati. Hojjennaan yerookeetti haalaan fayyadamnaan namoota of gahanii jiraatan keessaa tokko sihi.

Namni kamuu dinagdeen, hawaasummaafi siyaasaan caalee argamuufis ta'e fakkeenya ta'uuf yeroo qabutti haalaan fayyadamuun murteessaa ta'ee osoo jiruu yeroo akka salphaatti ilaaluun Itoophiyaatti aadaa ture.

Yeroon warqiidha jedhama. Albuuda gatijabeessaan madaaluu fakkaata. Ta'us albuuda gatijabeessaa ol bu'aa guddaa qabaachuunsaa kan baramu namoota haalaan yeroosaaniitti fayyadamanii guddatan fakkeenya godhachuuni.

Akkuma biiftuu jirtuu suksuku jedhamu yeroo humna qabanitti yeroo yeroon namaa kennetti sirriitti fayyadamuun barbaachisaa waan ta'eef guyyoonni 365 fuldura keenya jiran guyyaa itti hojjennee dinagdeen caallee argamnu akka ta'uuf tokko jennee eegaluu qabna.

Kaleessi seenaa kan irraa baratan waan ta'eef isa darbeef gaddaa hafuun isa dhufu nama harkaa waan bittinneessuuf akka risaa of haaressinee, akka bofaa muuxannee dhaloota haaraa mul'ata haaraan ijaarameefi badhaadhe taanee argamuuf yeroonsaa amma.

Bakka dhalli namaa jiru waldhabdeen jira. Bakka waldhabdeen jiru jijjiiramni jira akkuma jedhamu waldhabdee keenya mariin furuun garaagarummaa jiru dhiphisuun lammiilee hunda hammattuufi walqixa tajaajiltu ijaaruuf guyyoota 365tti haalaan itti haa fayyadamnu.

# Ajandaa

## Hawwii Gaarii Galaalcha Dirree

Jaalatamtoota Dubbistootaafi Hordoftoota Galaalcha Dirree fi fuula kanaa

Baga nagaan barii birraatiin Nagaan isin ga'e, jechaa barri haaraan 2014 kan Nagaa, Gammachuu, jaalalaa, fayyaafi Milkii akka isinii ta'u hawwaa.

Bara haaraa kanatti namoota dhimmoota adda addaa, hawaasummaa kanneen akka aadaafi kkf, dinagdeefi siyaasarratti Galaalcha keessanii/ keenya irratti barreessuu barbaadan wajjin hojjechuuf qophii ta'uu keenya ibsuu barbaanna.

Galaalchi Dirree maxxansa fuulawwan

Oduu

Dinqisiifannaa

Muuxannoo

Ijoo Dubbii

Dhaamsa

Keessummaa

Hawaasummaa(Dinagdee )

Hawaasummaa(Fayyaa )

Aadaa fi Aartii

Tibbana

Seeraa fi Heera

Ispoortii akka qabdu beektuu?

Kanaaf Galaalcha Dirree fuulawwan 12 qabattee torbanitti al tokko Bulchiinsa Dirree Dhawaattiin kan maxxanfamaa jirtu irratti jajuus ta'e qeeqa qabadhaa koottaa beeksisas irratti baafadhaa wajjin hojjennaa.

Galaalchi Dirree daa'ima umrii (Ji'a 3) qabdu ammaan tana maxxansa dabalatee feesbuukii, marsariifi telegiraamiidhaan dubbistootaafi hordoftoota baay'ee bira ga'aa, guddina Afaan Oromootiif shoora gama ishee gumaachuuf yoomiyyuu caalaa qophaa'aati jirti.

Odeeffannoo Si'aawaa fi Sirraawaan milkaa'ina guddina roga maraaf bu'aa ol'aanaa qabu hawaasni keenya Odeeffannoo argatee hubateef beekuun roga maraan hirmaachaa fi irraa fayadamaa akka ta'uuf xiyyeeffannoon adda durummaan ga'ee nurraa eegamu bahachuun fedhii fi faayidaa, Aadaa fi Duudhaa, Seenaa fi Safuu ummata keenyaa Barree walbarsiisuun Dhalootaafis dabarsuuf yeroo kamuu caalaa cimee kan hojjatu ta'a.

Kutaa Qophii Galaalcha Dirree

Yaada Mo'ataa Milkaa'ina Caaluuf

Ayyaana Gaarii!!

## Dhibbaa Koronaa . . .

Fuula 1 irraa naanna'e

turizimii Aadde Buzeeyinz Al kadiir dabalatee fi hoggantoonni ol'aanoon bulchiinsaa argamanii jiru.

Baabura Jaarraa tokkoof Ummata Itoophiyaa tajaajilaa tureen imalli daawwannaan geejiba Baabura durattiin Dirree Dhawattii hanga Aanaa Dawallee taasisuuniis qaama kurfii kabaja Guyyaa Turizimii geggeefameera.

Ragaan Guddinna diinagdee Itoophiyaa kan bara 2013 ifoomuu baatuus Guddinni diinagdee kan damee industirii turizimii kan bara 2012 irraa dhibbeentaa 35n gadi bu'uu akka danda'u ragaawan akeekan ni jiru.

Guyyaa Turizimii Idil-adunyaa kan '' Turizimiin Guddina maraaf'' Dhaadannoo jedhuun kabajamu kan baranaa kun sadarkaa addunyaatti marsaa 42 ffaa fi akka Biyya teenyaatti 34 ffaa

Biiroo Dhimmoota Koominikeeshinii Mootummaa
Bulchiinsa Dirree Dhawaa
Torbanitti kan maxxanfamuu Ebla 18/2013 A.L.H kan jalqabame

GALAALCHA DIRREE

Qopheessaan Ol'aanaan
Abdii Adam
(0915039254)
Gulaalaan
Iliyaas Aamee
Qopheessitoonni
Yaassiin Abdallaa
Laayaawutii fi Diizaayinii
Sammaan Musxafa
Photographer
Selaam Abebe

Wixata - Fulbaana 10 - 2014 ALH

Bilbila :- 025 111 60 61
Fax :- 025 111 49 72
Email :- info pubbure@yahoo.com
Website :- www.direcomm.gov.et
Facebook :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau
Youtube :- Dire Dawa Government Communication Affairs Bureau

# Shamarree kororimaa, abasuudaa fi mi'eessituuwwan biroo Irraa zayita dibataatti jijjiirteTSAHAAYYEE Feevan Tsahaayyee hundeessituu 'Caakkaa Oriijins'

**Yaassiin Abdallaattiin**

Feevan Tsahaayyee mi'eessituuwwan akka oogiyoo/kororimaa, kosorota, abasuuda gurraachaa fi arrittii irraa zayita dibataa fi nyaataa oomishti.

Yuunivarsiitiitti 'International Development' barachuu kan himtu Feevan, abbootii qabeenyaa qonna irratti hojjechuu barbaadan waliin hojjechuu himti.

Kunis qonnaan bultootaa fi qonna waliin caalaatti akka wal barattu hiree baneef.

Finfinneetti dhalattee kan guddatte Feevan, barnoota sadarkaa lammataa erga xumurtee booda Ameerikaa fi Chaayinaatti barattee bara 2015 gara biyyaa deebite.

Wayita qonna irratti abbootii qabeenyaa waliin hojjechaa turte, qonnaan bultoonni omisha dheedhii qofa gurguruun jireenya isaanii itti fufiinsaan fooyyessuu akka hin dandeenye hubachuu himti.

"Waan uumamaan argannee xiqqoo fooyyessinee, jijjiirree ykn waa itti daballee gabaaf dhiyeessuun carraa hojii fi guddinaaf karra akka banun hubadhe."

Kanarraa ka'uun Feevan 'Caakkaa Oriijins' hundeessite.

Ka'uumsa 'Caakkaa Oriijins'

Mi'eessituuwwan Itoophiyaa keessati baramanii fi biqiltoota urgaa gaarii qaban cuunfuun zayita dibannaa fi nyaataafis oolu omishuun dura, qabiyyee keemikaalaa isaanii qorachuun barbaachisaa ture.

Biqiltoota barbaadan edda adda baafataniin booda kanneen kosmotiiksiif oolaniin eegaluuf murteessine jetti Feevan. TSAHAAYYEE

Biqiltoota adda baafaman cuunfuun shittoo, kosmotiksiiwwan gara garaa, dibatawwan bareedinaa fi qorichoota omishuuf zayita urgaa gaarii qabu akka galteetti fayyadu oomishuun ni danda'ama.

"Dibataa fi saamunaa fuulaaf, rifeensaaf akkasumas qaamaaf ta'u omishuuf akka galteetti waan tajaajiluuf omishtootaa fi namoota hedduu bira gahuu dandeenya," jetti feevan.

Kanarraa kan hafe zayita kana dibannaaf qofa osoo hin taane, nyaataafis fayyadamuun akka danda'amu himti.

Miidhaa kamiyyuu akka hin qabaanne mirkaneeffanneeti kan omishnu jetti Feevan.



Namni bu'aa fayyaa zayitiin kun qaburraa fayyadamuu fedhu nyaata ykn shaayii fi dhugaatiiwwan birootti dabaluun fayyadamuu danda'a jetti.

"Dabalataan akka mi'eessituutti itti fayyadamuun ni danda'ama. Kanaaf ammoo omishawwan amma qabnutti dabalataan kan biroos omishuuf yaada qabna," jetti.

Qonnaan bultoota Feevan waliin hojjetan

Biqiloota Itoophiyaa qofa keessatti argaman iratti xiyeeffachuun akka hojjettu kan himtu Feevan, biqilootni kunneen akka hin badne, darbees addunyaatti akka beekamaniifi jetti.

Zayitiin dibataa biqiloota irraa tolfamu bareedinaafis ta'e fayyaaf faayidaa gaarii qabu, akkasumas miidhaa omishaaleen kaan fidan hambisuu danda'u jetti.

Kaayyoon 'Caakkaa Oriijins' inni ijoon namoonni kosmotiksiiwwan 'plant based' [biqiltoota irraa kan tolfaman] salphaatti argachuu akka danda'aniifi jetti.

Namoonni dibatawwan biyyoota biroo salphaatti argachuu waan danda'aniif, beekumsa jeebanaa biyya keessa dagataa jiru jetti.

Beekumsi kun bade akka hin hafne gochuun cinaatti, omishaalee uumamaa bareedina ittiin eeguf fayyadamuun faayidaa qabaachuu himti.

Dabalataan ammoo qonnaan bultoota walin hariiroo uumuun dhiyeessii adda hin citne akka argattu, qonnaan bultoonnis omishni isaanii gabaa akka qabu beekanii ofitti anamummaan akka omishan taasisaa jetti.

Qonnaan bultootaaf akkaataa xaa'oo uumamaa itti qopheessanii fi horsiisa biqiltootaa, osoo hin miidhamiin kutuu, bishaan obaasuu fi maloota omisha isanii ittiin fooyyessan hubannoo ni kenninaaf jetti Feevan.

Mala jireenyaa biqiltoota bu'uureffate

Namni tokko mala jireenyaa biqiltoota bu'uureffate hordofa kan jedhamu, nyaataafis ta'e dibataaf omishaalee biqiltootaa yoo fayyadamedha.

Itoophiyaatti namoonni hedduun wayita qufaan isaan qabu bargamoo ulatu kan jettu feevan, beekumsawwan akkanaa faayidaa diinagdee akka qabaatu gochuun akka danda'amu himti.

"Fakkeenyaaf Indiyaatti 'Ayurveedaa' seektara jedhamu qabu. Dibata Bareedinaaf, mi'eessituuwwan nyaataaf, shaayiif akkasumas wantoota biroof oolu biqiltoota uumamaa irraa omishuun, damee diinagdee biyyattiif gumaacha guddaa taasisudha."

Gara fuuladuraaf hojii ishee babal'isuun biqiltoota akka oogiyoo/kororimaa fi cilaattama fayyadamuun zayita naataa fi dhugaatiif akasumas dibataaf oolu tolchuuf yaada qabdi.

Biqilootni kunneen nyaataa fi dhugaatii mi'eessuurra darbee faayidaa fayyaa dhiitoo hir'isuu akkasumas qulqullina kalee fi tiruuf akka fayyadu himti Feevan.

## Kiristiyaanoo Ron . . .

Fuula 12 irraa naanna'e

boqonnaafi dadhabbii irraa bayyaannachuun dabarsa. Kanaafuu, maatii isaa waliin yoo achi keessaa bahan gaarii taha jedhamee murtaa'e."

Manni haaraan Cheshaayir jiru ammoo galma siniimaa, bakka bishaan daakaa, gaaraajii konkolaataa afur, konkolaattota isaa paawondii miliyoona 17 baasaniif kan oolu qaba. CCTV kameeraa, balbala elektirikaan hojjettuus qaba. Humna nageenyaan ammoo tikfama.

Akka bakka bu'oonni manichaa jedhanitti, manichi baay'ee addadha. Maddeen The Sun akka himanitti, ''Roonaaldoon kana dura yeroo Yuunaayitid ture naannoo kanatti dhiyaatee jiraataa ture waan taheef akka qe'ee isaatti itti dhagahama."

Ijoolleen isaa manneen barnootaa dhuunfaa keessa jiru. Takkaa osoo simannaan isaa ho'aan kun qabbanaa'aa dhufe Joorjiinaa fudhatee bahuun bakkeewwan jaalatu daawwachiisa.

Roonaaldoon jaallatoota isaan taphataa cimaa yeroo hundumaa jedhamuun leellifama. Akkasumas, Waancaa Adunyaa bara 2006 irratti nama Wayinii Ruunii dhiibee tapha keessa baasise jedhamuunis beekama.

Sanbata darbe erga gara Yuunaayitiditti deebi'een as tapha jalqabaa taasiseen galchii lama Niw Kaastil irratti lakkoofsise.

Tapha Shaampiyoonsi Liigii Yuunaayitid kilaba biyya Iswiizerlaandi Yaang Boyisiin irratti injifatame irrattis galchii tokko lakkoofsiseera.

Roonaaldoon turtii isaa jalqabaa bara 2003 hanga 2009tti taphoota 292 taphachuun galchiiwwan 118 Maanchisteriif lakkoofsiseera.

# "ABO'n galu malee nagaan hin bu'u" Dr. Nagaasoo Gidaadaa

Iliyaas Ammeettiin



Akkam jirtu ? Hordoftoota Galaalcha Dirree! Nageenyi Badhaadhaa? Qophii "Keessummaa" keenyaa tti hedduu akka bohaaraa jirtan abdii qabdna. Kunis seenaa namoota jajjaboo keenya kanneen sabaafi biyya ofiif jecha jireenya ofiifi maatiisaanii otuu hinmararfatin umriifi jireenyasaanii guutuu ummata ofiif gumaachan ,kanneen lubbuun jiraaniifi boqotan maddawwan gara garaarraa iyyaafachuun akka isaaniin walbartan , irraa barattan, dinqisiifattanfi galateef-fattan , akkasumas beekamtiifi deeggarsa barbaachisu isaaniif gumaachuu dan-deessan abdii qabna.

Maxxansa torbee kanaanis seenaa gababaa waa'ee nama jabaafi goota dacheen Oromiyaa Itoophiyaaf gumaachite, kan ijoollummaasaarraa jalqabee, jireenya umriisaa guutuu ummata Oromoofi ummattoota Itoophiyaaf of kennee hojjetaa turee, Otuu ummata biyya kanaaf hojjetuu addunyaa kanarraa boqote, Dr. Nagaasoo Gidaadaa maddawwan gara garaa irraa walitti qabuun akka itti aanutti dhiyeess-ineerra. Dubbisa Gaarii!

Dr. Nagaasoon eenyu turan? Imalli isaanii maal fakkaata ture?

Fulbaana 8 bara 1943 Dambii-Doolloo, Wallaggaatti dhalatan. Abbaan isaanii Gidaadaa Soolanis nama dhaloota barumsaan qaraa turaniifi aan-tummaan uummata tajaajiaa turan akka ta'e seenaan isaanii nihima.

Dr. Nagaasoon Yunivarsiitii Hayila Sillaaseetti bara 1966 hanga 1971 seenaa baratan. Bara 1971 hanga 1974'tti Ayiraa, Wallaggaa Lixaatti Daarektera mana barumsaafi barsiisaa seenaa ta'uun tajaajilaniiru.

Bara 1974 carraa barnootaa argachuun gara biyya Jarmanitti imaluun hanga bara 1991'tti achi jiraataniiru.

Turtii isaanii biyya Jarmaniin Seenaa hawaasaa akkasumas gosa barnootaa Ethnology jedhamu Yunvarsiitii J.W.Goethe, Firaankifartitti argamutti qorataniiru.

Matadureen qorannoo doktorum-maa isaaniis Seenaa Sayyoo Oromoo Wallaggaa bara 1730 hanga 1886tti kan jedhu ture.

Dr. Nagaasoon dubartii lammii Jarman ogummaan ishee Narsii dees-siftuu taate Rejiinaa Abbelt waliin bultii ijaarrataniiru.

Hirmaannaa siyaasaatti yoomiifi akkamitti seenan? Hirmaannaa siyaasaa keessatti hoo akkamiin tajaajilaa turan?

Hayyuun seenaafi namni siyaasaa gameessi kun Itoophiyaa keessatti walakkaa jaarraa tokkoof dammaqinaan kan hirmaataniifi dhimmoota siyaasa biyyattii murteessoodha jedhaman keessatti adda durummaan gumaachaa turan.

Kitaaba waa'ee imala siyaasa isaanii irratti barreeffame, 'Daandii Nagaasoo' jedhu irratti akka barraa'etti, Dr. Nagaasoon barataa sadarkaa lamaffaa yeroo jiran ture kan siyaasa keessatti hirmaachuu jalqaban.

Sochii barattootaa bara 1950'n keessa sirna abbaa lafaa irratti ka'aa ture kees-sattis dammaqinaan qabsaa'aa turan.

Bara Awurooppaa turan miseensa ABO ta'anii si'aayinaan qooda fudhachaa turan.

Bara 1991 yeroo ce'umsaa gara biyyaattii deebi'anii ammoo Koree Giddu-gaeessaa Dhaabbata Dimokiraasummaa Uummata Oromoo ta'uun tajaajilaaniiru.

Wal-dhabdee MM Itoophiyaa duraanii Mallas Zeenaawii waliin uumameen dhaaba ADWUI fi aangoo pireezidan-tummaa akka gadi dhiisanii bahantu himama.

Filannoo Biyyaalessaa kan bara 2005 irratti ammoo qe'ee dhaloota isaanii Dambi-Doollootti dhuunfaan dorgo-manii filatamuun miseensa Mana Maree ta'anii tajaajilaa turan.

Bara 2008 ammoo paartii mormituu 'Forum for Democratic Dialogue (FDD) warra hundeessan keessaa tokko turan.

Paartiin FDD isaan namoota biroo waliin hundeessan kunis bara 2009 paartii Unity for Democracy and Justice Party (UDJ) jedhamutti makame.

Akka kitaabni waa'ee seenaa Dr. Nagaasoo himu, 'Daandii Nagaasoo' jedhu mullisutti, osoo Pirezidaantii Itoophiyaa hinta'iin dura bara 1991 hanga 1995tti Ministira odeeffannoo ta'anii tajaajilaniiru.

Rakkooleen akkamiifatu siyaasa keessatti isaan mudachaa ture?

Bara 1995 irraa kaasanii hanga 2001'tti garuu Pirezidaantii Itoophiyaa ta'anii tajaajilaniiru.

Osoo miseensa Koree Giddu-galeessaa DhDUOfi Pirezedaantii Itoophiyaa ta'anii tajaajilanii ture kan mormanii ejjennoo dhuunfaa isaanii fudhatanii miseensummaa dhiisanii pirezedaantummaa irraas gadhiisan.

Akka kitaabni seenaa kun jedhutti, murteen kun gatii guddaa isaan baasiseera.

"Namni pirezidantii duraanii ta'uun tajaajile siyaasaa keessatti qooda kan fudhatu yoo ta'e, faayidaawwan moo-tummaan isaaf dhiyeessu mara nidhaba" seerri jedhu isaanuma miidhuuf jecha akka tumame BBC'tti himanii tur-an."Kuni kan ta'e jaalala siyaasaa ani qabu waan beekaniif ta'e jedhanii taasisan" jedhu ture Dr. Nagaasoon.

Hirmaannaa siyaasaa keessatti itti fufuudhaan miseensa mana mareef yeroo dorgomanitti faayidaaleen argachuu malan akka konkolaataa, eegdota dhu-unfaafi mana jireenyaa dhorkaman.

Siyaasa biyya kanaa keessatti gumaachi guddaan Dr. Nagaasoo Gidaadaa biyya kaaaf oolemaal ture?

Hojiin guddaan Dr. Nagaasoon ittiin yaadataman Heera Mootummaa Itoophiyaa yeroo ammaa hojiirra jiru kana tumuu keessattiidha. Kunis. Dr. Nagaasoon walitti-qabaa Yaa'ii Tumannaa Seeraa (Constitutional Assembly) ta'uun tajaajilaniiru.

Jijjiiramni kufaatii mootummaa ADWUI booda biyya keessatti argame kuni akka milkaa'uuf dhaamsifi gorsi dhaaman maal ture?

Pireezidantii Itoophiyaa duraanii boodas dhaaba isaanii, DHDUO, keessaa bahuun dhuunfaan dorgomuun miseensa Paarlaamaa kan turan Dr. Nagaasoo Gidaadaa nageenya mirkaneessuuf ABO'n biyyatti galuu qabaa jedhan.

''Dhaabbileen siyaasa Oromoo adda addaa biyyatti galuun gaariidha. Isaan duwwaan galuun hingahuu, alatti hafuun kan isarra hinjiraanne kan ABO jira'' kan jedhan Dr. Nagaasoon, ''inni yoo gale malee nagaan biyyatti keessatti hin b'uu'' jedhan.

Nageenyi jiraatee hojiin misoomaa akka hojjetamu yoo barbaachise dhaaabni siyaasaa kun biyyatti galuu qaba jedhan.

ABO'n galu malee nagaan hin bu'u sababa itti jedhanis ibsaniiru. ''ABO'n erga hundaa'ee waggaa dheeraa lak-koofsiseera. Kana qofa osoo hin taane, biyya keessaafi biyya alaatti deeggar-toota, miseensotaafi homaa waraanaa hedduu qaba.''

Kanaafis mootummaafi ABO'n waliin taa'anii mariyachuun haala ABO'n itti deebi'uu mijaahuu qaba jedhan.

Marii araaraa mootummaan Itoophiyaa dhiyeesse fudhachuun mariif fedha qabaachuu kan beeksise, ABO'n mariin araaraa bakka qaamni walabaa sadaffaan jirutti akka raawwatu kan fedhu ta'uu ibsee ture.

''Qaamni sadaffaan gidduu saanii taa'uu qaba. Qamni kuni ammoo moo-tummoota biyya alaa osoo hin taane Oromoodhuma ta'uu qaba," jedhu.

Oromoo keessaa ammoo abbootii Gadaa, jaarsolii biyyaa, haawwan, qarree fi qeerroo keessaa kan filataman ta'uu qabu jedhu.

Qaamoleen kun marii araaraa kana taa'anii hordofuufi taajjabuu qabuu akka yaada Dr. Nagaasootti.

Hojiin ABO biyyaatti deebisuu kun saffisaan raawwatamuu akka qabus amanu.

Marii ABO biyyatti deebisuuf taasifamu keessatti jaarsummaan qooda fudhachuuf yoo gaafataman gahee isaanii bahuuf ''yeroo hundumaa qophii'' ta'uus Dr. Nagaasoon himaniiru.

Mirgootaafi nageenya lammiilee sabaafi sablammoota Itoophiyaatiif wabii ta'ee kan hojjetaa ture Dr. Nagaasoo Gidaadaa dhukkubsatee biyya alaatti otuu yaalamaa jiruu, du'aan addunyaa kanarraa deemeera. Nagaan boqodhu jennaan!

Kabajamoofi jaalatamoo Hordoftoota Galaalcha Dirree maxxansa torbee itti aanu keessatti keessummaa biro qabannee hamma walitti deebinutti nagaan nuuf turaa!

# Irreecha

Irreechi ayyaana Oromoo kan Waaqa galateeffannaafi kadhannaati. Ayyaanni Irreecha wayaa aadaan faayamanii harka marga jiidhaa qabatuun kabajama. Yeroo malkaa bu'an ykn tulluu bahan, haati golaa siinqee qabatte, caaccuu naqatte mareewoo, yaa mareehoo jechuun dura deemu. Abbaa Gadaan immoo bokkuu qabatee, kallacha hidhate Abbaa Duulaan durfamuun hordofu. Shamarraniifi dargaggoonni dhiichisaa ykn jeekkaraa deemu.

Irreechi Oromoo biratti ayyaana jaallatamaafi kabajamaadha. Oromoon Irreecha Malkaa fi Irreecha Tulluu jechuun duudha kana waggaatti waqtiile Birraa fi Arfaasa malkaa fi tulluu irratti kabaja.

Akka Waaqeffannaatti kadhaa fi galanni godhamu iddoo fi yeroon kan murtaa'eedha. Kunis amantii keessatti gochaadhan kan ifa ta'udha. Sirna irreechaa kan hoogganu jaarmayaa Qaalluutti.

Gosa Irreechaa

Irreechi iddoo adda addaatti yoo gaggeeffamellee inni guguddaan bakka lamatti raawwatama, isaanis Irreecha Tullu fi kan Irreecha Malkaatti.

A. Irreecha Tulluu (Irreecha Arfaasaa)

Irreechi Arfaasaa (Irreecha Tulluus ni jedhama) kun kan gaggeeffamu Tulluurratti yoo ta'u, yeroon isaas bonnii darbee roobni Afraasaa yeroo itti eegamuudha. Baatileen dursan turan roobni dhabamee hongeen namnii fi horiin kan itti miidhamaa tureedha. Kanaaf giddugala ji'a Bittooteessa maatiin marti gara lafa qabbana fi jiidha qabutti bahanii rooba arfaasa argachuuf waaqa kan itti kadhatanii. Tulluutti bahanii kadhachuun kun kan amantii waaqeeffannaa Kuushoota dur durin walqabateedha jedhama. Tulluun Cuqqaalaa araddaa irreecha isa guddichadha.

B. Irreecha Malkaa (Irreecha Birraa)

Irreechi Birraa (Irreecha Malkaas ni jedhama) kan raawwatu yeroo ganni xumuuramee seena baatii birraa ykn giddugala ji'a Fulbaana (22-25) keessatti. Guyyaan Irreechaa "Ayyaana Birraa ykn Xaddacha Saaquu" jedhamuunis ni beekama. Iddoon irreechaa, malkaa fi hora guguddoo irratti. Tibba darbe namoonni guutama galaanaatiin addaan citanii turan walarguuf jecha guyyaa kana akka guyyaa gammachuutti fudhatu. Kanaaf Oromoonni malkaa gamaa fi gamanaa walitti bahanii "Mareewoo!... Mareewoo..!" jechaa Waaqa kadhachaa, faarfachaa, galateefachaa gara Malkaa deemu.

Eebba Abbaa Malkaa fi hangafootaan godhamu booda marga jidhaa fi abaaboo



birraa qabatanii bishaaniin tuqani waaqa galateeffachaa irreeffatuu. Araraa fi wagii gaafatuu. Kaayyoon kadhaa kunis Waaqayyoo akka rooba, nagaa fi dhala ykn sanyii isaanii baayyisuu fi firii argataniidha. Yeroo baayyee Oromoonni bakka qubatanii gara horaatti loon isaanii wajjin itti godaanu. Kunis akka jalqabaa fi seena hojii bara haaratti fudhatamaa.

Horri Arsadii iddoo Oromoonni Tuulamaa jaarraa dheeraa dura itti hirreeffachaa turaniidha. Arsadii maqaa namaa yoo ta'u gosa Liiban keessaa Abbaa Malkaa nama tureedha. Arsadi Abbaa Malkaa ta'uu kan danda'e balaa lubbuu isaa irrra ga'e jalaa of baraarsuu erga danda'ee booda, guyyoota saddeetif, soomana cimaa godhee, muka birbirsaa jalatti lubbuun kan mul'dhate waan ta'eefii. Birbirsi kan inni itti dhibaafatamuufis yaadannoo fi raajeeffannaa kanaaf akka ta'ee ni himamaa. Kana booda Horii Harsadii akka Malkaa irreessaatti ulfaa ta'ee Oromoota Tuulamaatiin akka kabajamu murtaa'e. Yeroo booda Oromoonni marti Hora Arsadii akka wiirtuu Irreeffannaa godhanii itti hirreeffachaa turan. Yeroo ammaa kana waggaa keessatti ala tokko Hora Arsadii irratti ni hirreefatu.

Hora Arsadii

Ayyaanni Irreecha kun Oromoon falaasamaa fi ilaalcha addunyaa keessatti jiruufi waaqaa akkasumas raajii isaa, dhalootaa fi iccitii jireenyaan walitti fiduun kan ibsuudha. Sanyiin namaa horee kan baayyatu, kan faca'e du'aa ka'e ija godhatu, atoomsaa fi gargaarsa humna waaqatiin jedhu. Nuti Oromoon waaqa nu uume kadhanna. "Uummamaan uumaa kadhata" jechuun uummamaan waaqa isaa ni galateeffata, ni faarfata, yeroo ammaa kanas Hora Arsadii irratti kan raawwatamu sirnuma kana.

Waggoottan darban Sirni kabaja Irreechaa hirmaannaan Ummataa maal fakkaata

Ayyaanni irrechaa sirna Gadaa waliin wal qabatee waggota 3000 oliif kabajamaa akka ture hayyoonni seenaa ni himu.

Oromoonni naannoo golga laga Abbayyaa jiraatan malkaa Abbayyatti bahuun, kan gidduu gala biyyaa ammoo Hora Har-sadiitti bahuun kabajaa turan jedhu qorataan seenaa Giddu gala aadaa Oromoo Obbo Alamaayyoo Haayilee.

Booda garuu haalota turaniifi facaatii uummata Oromoo waliin wal qabatee naannoo naannoo isaaniitti kabajaa akka turan himu.

Ayyana Irreechaafi bulchiinsa Minilikii hanga 1983tti

Bara bulchiinsa Minilik keessa kabanji ayyana Irreechaa akka malee dadhabaa dhufe. Oromootnis dhokachuudhaan kabajuuf yaalaa akka turan qorattotni seenaa lafa kaa'u.

Akkuma walitti dhiyeenya jireenya isaaniitti wal waamuun malkaatti bahanii kabajaa turan jedhan qorataan seenaa Obbo Alamaayyoon.

Moototni Minilikii hanga Mootummaa Dargiitti jiran amantaan tokko qofa akka jiraatu waan barbaadaniif namni kamiyyuu amantaa biraatti qabamee akka jiraatu eeyyamaa hin turre.

Yeroo sana amantaan Kiristaanaa qofa akka jiraatu waan barbaadaa turaniif akka amantaa seexanaatti ilaalamaa ture jedhama.

Bara Haayilesillaasee fi Dargii Manguddota Liiban, Galaanii fi Handaatu dhokatanii subii ka'uun namootni xiqqoon dhaqanii irreefatanii galaa turan kan jedhan ammoo Obbo Dirribii Damusseeti.

Mootichi Haayilesillaasee illee kabaja ayyaana kanaa waan beekaniif dhorkisiisaa akka turan ragaawan ni mul'isu.

Haa tahu malee Hora Har -Sadii akka bakka Bashananaatti itti fayyadamu jedhan. Qabsoo baratootaa cimmaa Oromoonni hedduun aarsa tahaniin kan taayitaa qabate mootummaan Dargiis mirga amantaa uummataa eeguu waan hin dandeenyeef ukkaamsaan itti fufe.

Waldaan Maccaa fi Tuulamaa erga hundeeffamee mirga Oromoo, Tokkummaa Oromoof fi misooma Oromoof qabsoo gaggeessaa waan tureef Irreechi akka deebi'uuf dhaaba shoora olaan bahate akka tahe Obbo Alamaayyoon dhugaa bahu.

Irreecha bara 1983 booda

Irreechis isaan keessaa tokko waan taheef jibbamnus namootni Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa keessaa cimnee hojjechaa turre jedhan Obbo Alamaayyoon.

Irreecha bara 1988

kabaja ayyaana Irreechaaf bara 1988 dargaggootni manguddoota Waldaa Maccaafi Tuulamaa waliin walitti makamuun namoota jaha tahantu magaalaa Finfinnee irraa deemuun irreeffate jedhan.

Namootni bakkeewwan biroo irraa hirmaatan hin jiru ture. Amantaa seexanaa balleesinee turre deebisanii kaasaa jiru bakka nuyi awwaallee jechuun otuma dhiibbaa nurraan gahanii cimnee itti fufne jedhan Obbo Dirribiin.

Irreecha Bara 1989

Magaalaa Finfiinnee irraa namoota 14 tahan irreecha deemuun akka kabajan BBCtti himan.

Namootni akka Lammii laggasee fi Fayisaa Dirribsaa fa'a jedhaman yoo uummata keenya baay'inaan nuuf fidde jennee daabboo lama lama wareeganii galan jedhu Obbo Dirribiin.

''Anis yaa waaqayyo yoo saba kana gara eenyummaa fi aadaa isaatti nuuf deebiste jedheen achuma dhaabbadhee wareega wareege,'' jedhan Obbo Dirribiin.

Irreecha Bara 1990

Namoota 20 hin caalletu Finfinnee irraa deeme. Waliigalaan namootni hanga 2,000 caalan dhufanii irreeffatan jedhu Obbo Dirribii. Guyyaa sana daabboon wareegamee ture hiramee achuma odaa jalatti galateeffanne jedhan.

Dabalataan waanan galii argadhu irraa wareege gara qarshii kuma 6 waanan argadheef isaan sagalee guddistuu biteen, wal tajjiin irra dhaabatan mijeesse jedhan Obbo Diribii Damussee.

''Ani Irreechi maal akka tahe wal tajjii irra dhaabadheen namoota muraasa achi jiraniif ibse. Amantaa seexanaa akka hin taanes, duudhaa uummata keenyaa tahuu fi waaqa tokkichaaf galata galchuu akka tahen dubbadhe.

Gara fuula 9 tti naanna'e

# Dawweessaa da'umsa boodaa ('Postpartum depression')

Dawweessaan(mukaa'uun) dahumsa boodaa( DDB) dhufuu dandahu baay'ee sodaachisaafi eeggannaa cimaa kan barbaadudha. Dahumsa booda yeroo kamittuu jalqabuu nidanda'a. Irra caalaa dahumsa booda torbee lama hanga sadiitti kan jalqabu yoo ta'u, wal'aansa argachuu yoo baate hanga waggaafi isaa oliitti itti fufuu danda'a.

Oduu gammachiisaan jiru garuu dhukkubni kun mana yaalaatti adda bahee yaalamuudhaan salphaatti fayyuu kan danda'udha.

Harmeen daa'ima qabduufi yeroo dhiyootti harma hoosisuu addaan kutte kamuu carraan dhibee kanaan qabamuu ishee bal'aadha.

Dawweessaan dahumsa boodaa umurii, baay'ina dahumsaa, sadarkaa dinagdee-hawwaasummaa akkasumas sadarkaa barnootaa irratti hinhundaa'u.

irra caala mul'achuu kan inni danda'u

- kanneen kanaan dura dhibee kanan qabamanii beekan
- wayita ulfaa dhibee dawweessaa kan wal'aanaman
- Maatii keessaa namni dhibee kanaan qabamee beeku yoo jiraate
- Gaa'ila isaaniifi haariiroo hawaasummaa keessatti kan rakkoo qaban
- Dhiyeenya balaan tasaa kan isaan mudateeru. fknf, gaa'ila kan diigan ykn abbaan mana kan jalaa du'e, hojiin jijjiramuufi rakkoo maallaqaa,
- Yeroo dahumsa kan miidhaan irra gahe
- Harma hoosisuun kan isaan rakkisu

Dhibee dawweessaa dahumsa boodaaf saaxilamu danda'u waan ta'eef utuu hinmiidhamiin dura of eeggannoo gaariin godhamuufi qaba.

Mallattoowwan dhukkuba Dawweessaa dahumsa boodaa

- jeeqamuu, bakka tokko taa'uu dadhabuu, boo'uu
- humna ol-dadhabuu
- hirriba dhabuu
- fedhiin nyaataafi ulfaatinni qaamaa gadi bu'uu
- wantoota yaadachuu, murteessuufi xiinxaluu dadhabuu
- garmalee yaadda'uu ykn dhiphachuu
- wantoota kanaan dura jaalatan isaan jibbisiisuu
- yaaddoo isaanii to'achuu yaaluu dadhabuu
- Harmooliin dhibee kana qaban akka mucaan isaanii jalaa du'utti waan yaadaniif nama biraatti hinamanan. Yeroo mucaan halkan hirribaa kaatuttis deebi'anii hirribni isaan hinqabu. Yaaddoon waan itti baay'atuuf yoo mucaankoo du'e anis ofis ajjeessa malee hinjiraadhu jedhanii karoorsu.

Yoo haati tokko akeekachiisa akkasii kennitu of-balleessuu waan dandeessuuf hordoffii cimaa gochuufiin barbaachisaadha.

Akkamitti wal'aanuu dandeenyaa?

1. Mucaakee jaalalaan ofitti hammadhu ykn faana haasahi.

Daa'ima ofiif kunuunsa gaarii gochuun daa'ima guddisuu qofaaf osoo hintaanee haati daa'ima akka gammadduufi ofitti amanamummaa akka horattu ishee taasisa. Kanaaf yeroo mucaan kee kolfitu faana gammadi. Yeroo boossu immoo malaan sossobii( harma afaan kaa'i).

Gaaffii daa'ima kee deebisuuf yeroo hundumaa qophii ta'uu qabda.

1. Namoota biraa irraa baradhu.

Jireenyi hawaasummaa dhala namaaf baay'ee barbaachisaadha. Hariiroo gaarii qabaachuun dhiphina hir'isuu keessatti ariitii dorgomaa hinqabnedha. Yeroo namoonni naannoo ijoollee isaanii kunuunsan ilaaluufi gargaarsa gaafachuun aadaa biyya keenya keessatti baramaa waan ta'eef baay'ee mijataadha. Addunyaa har'aa keessatti hadholii baay'een daa'ima isaani dhoksaatti guddisuu barbaadu. Kun immoo haadha dadhabsiisuu irra darbee amala hawaasummaa daa'imman isaani yeroo guddatanii irratti rakkoo fida.

Kanaaf namoota sitti dhiyaatan wajjin hariiroo gaarii uumi. Qofummaafi adda of-baasuun dhiphinaafi yaaddoof nama saaxila. Kanaaf nama jaallattuufi si gargaaruu qabaachuun dirqama fayyaati.

Namootni gaarii akka nuuf ta'aniifi nu gargaaran nibarbaadna. Waan ofiikee akka namni siif ta'u barbaaddu dursi namootaaf ta'i. Gaafa rakkatte qofa gargaarsa isaanii barbaadda osoo hintaane dursitee rakkina isaaniif kan gargaartu yoo ta'e hawaasummaa gaarii waan qabduuf ati dubartii ayyaanomtedha. Sababiin isaa dhibee dawweessaaf hinsaaxilamtu. Hammamiyyuu jireenyakeetti kan hingammadne yoo ta'e hariiroon hawaasummaa gaarii pirootinii ijaarsa qaamaafi manakeeti.

Miira keessa jirtu namaaf qoodi. Namootni gargaarsa gaarii akka siif godhaniif miirakee isaaniif ibsi. Gaariis ta'e hamaa, fokkises bareedes fuulaa fuulatti mudannookee nama tokkotti haasahuun dhaggeefataankee murtee malee si dhaggeefachuu dhiisuu isaa osoo hintaane haasa'uukee qofaan ba'aan sirraa salphata.

Harmooli akkakee wajjiin muuxannookee qoodi,Kan isaaniis dhaggeeffadhu.

1. Of kunuunsi

Hanguma eeggannaa qaamaafi sammuukeef

gootu gammachuufi fayyaa qabaatta. Haalli jireenya salphaan fageenya dheera booda deebitee akka ofitti gammaddu si taasisa.

- Daa'imakeefi ofiikeef dursa kenni
- Sochii qaamaa taasisi.

Sochii qaama taasisuuf qilleensa haara fudhachuun mukaa'uu sirraa dhabamsiisa. Seelonni sammuukee akka of haaressaniifi qaamnikee akka jajjabaatu si godha. Sochii qaama yeroo jedhamu guyyaatti daqiiqa soddomaaf deemuun iyyuu ga'aadha.

Qorannoon garaagaraa akka ibsutti qilleensa qabbanaa'aa junuunfatanii ofitti fudhatanii baasuun akka ati yaada tasgabbaa'aafi humna qabaattu si godha. Karaa biraan wanta barbaaddu irratti akka xiyyeeffannu nu godha.

- Hirriba ga'aa rafi. Harmeen tokko gidduu galeessaan guyyaatti hanga sa'aa saddeetii rafuu qabdi. Hirriba gahaa dhabuun akka miirrikee jeeqamu waan si godhuuf yeroo guyyaa raftu akka hin jeeqamnetti himadhuu rafi.
- Ofiikeef yeroo qabaadhu. Yeroo aara galfattu jechuun qaamakee bishaan qabbanaa'an dhiqachuu, waan ho'aa akka shaayii, annanii, aajjaa(shoorbaa) dhuguu, shaamaa ibsachuufi sukkummii(massage) galuu hin dagatin.
- Nyaata gahaa nyaadhu Harmooliin gaafa mukaa'an(gaddan) fedhii nyaataa hinqaban. Tokkoon tokkoon waan nuti soorannu miira keenya irratti dhiibbaa uuma.
- Aduu qaqqaamadhu. Ifti aduu ganamaafi galgalaa miirakee ol-kaasuu keessatti gahee guddaa qaba. Kanaaf guyyaatti yoo xiqqaate daqiiqaa 10-15 qaqqaamadhu.
- Maatiikee wajjiin yeroo gaarii qabaadhu

Cimdii hedduu biratti hariiroo isaan maatii isaani waliin qaban miiraafi walitt dhufeenya hawaasummaa isaanii cimsuu keessatti burqaa isa jalqabaati.

Barbaachisummaafi fedhii isaan daa'ima haaraa argachuu isaaniif agarsiisan caalaatti walitti isaan hidhuufi madda nagaa yaada humna qabeessa isaan tokkummeessuu danda'uuti.

Kanaaf maatiin daa'ima argataniif galateeffatootaafi gammadoota ta'uun isaanii haadha deessetti abdii guddaa horuu

danda'a.

Halkaan hirriba dhabuufi itti gaafatamummaan sitti baay'achuu irraa kan ka'e baay'ee si dadhabsiisuufi yeroo boqonnaa si dhowwachuu danda'a. sababii daa'imaf hariiroo maatiikeefi firootakee faana qabdu addaan kutuu dandeessa ta'a. kanaaf yerookeetti karoora baafadhuutii hariiroo hawaasummaafi maatiikee cimsachuuun sirra jira.

- Miirakee iftoominaan ibsadhu.

Furtuun walitti dhufeenyaafi itti gaafatamummaa waliif qooduu daa'ima booda jalqaba. Wanta sirrachuu qabu akka maatiitti mari'achuu qabdu. Wanti kamiyyuu akka salphaatti irra darbamuu hinqabu. Miira akkamii keessa akka jirtu maatiikee dhoksuuf hin yaaliin.

Keessattuu cimdiin(abbaa manaafi haati manaa yeroo addaa waliin qabaachuu qabu. Haatii deesse dhiibbaa ofitti baay'isuudhaan walitti dhufeenya abbaa manaa ishee waliin qabdu laaffisuu hinqabdu. Kanaaf qulqulina dhuunfaa ishee eegachuudhaan hawwattuu(atrctive) ta'uu qabdi.

Daa'ima faana baatee qaama isheef egannaa gochuu yoo dagatte walitti dhufeenyi jara lameenii balaa irra bu'uu danda'a.

Jarri lamaanu gammachuu isaanii waliif qooduu qabu.

Gargaarsi akka maatiitti utuu siif godhamaa jiruu, atis akka dhuunfaatti osoo eeggannaa ofiif gootuu, dhibee dawweessa dahumsa boodaan dhiphachaa jirta taanaan gorsa ogeessa fayyaa argachuu si barbaachisa.

Gorsa abbaa manaaf

Namni ati jaalattu tokko dhukkuba dawweessaan utuu rakkatuu yoo argite waanta ati jalqaba gochuufi qabdu gargaarsa. Daa'ima harkaa fuudhi, boqonnaa kenniif, gurrakee ergisii sirriitti dhaggeefadhu,Danda'aa ta'ii ishee hubadhu.

Ofiikeef egannaa godhi. Sababiin isaa daa'ima guddisuun lamaan keessaniifiyyuu hojii salphaa miti. Haati manaakee kan dhibamtu( dawweessaan) yoo taate atis yaaddoo kara lamaan

Gara fuula 9 tti naannaꞌe

# 'MIRRIGAA YKN MIRRIYSA'

Najjaad Hassaniin

Afoolli Mirriysaa ja'u akkamiin akka moggaafamee fi yoom akka eegalamee ragaan sirrii ta'e jiraachuu baatullee,ummanni Oromoo Haraargee bara dheeraaf

Mirriysaatti fayyadamaa akka turee fi akka jiru manguddoonni umriin ayyaantuu turan ni dubbatu. Mirriysi(Mirrigni) Afoola ummata Harargee birattii imal-maanaa jaalatamaa fi kabajamaa tahuu isaa fi afoola bara dheeraa ummaata oromoo waliin ture tahuun isaa ragaa guddaadha. Mirriysi Mirriysaan yaada ball'aa fi bilchaataa kan if keessaa qabuu fi walaloon tarreeffamee,yadaloon qindaawee kan mirrigamu yoo ta'u, aadaa ummanni tokko qabu ibsuufis ta'ee sirritti calaqqisiisuuf gaheen inni qabu olaanaadha. Harargeetti dhimmaa heeraa fi seeraa(dhaddachaa),araaraa fi

dhimmoota birootiif bakka wal ga'anitti mirrigaan yaada waliif dabarsa. Kana jechuun afoola

mirriysaatiin heeraa fi seera,hooda yookiin duudhaa,mudannoo fi muuxannoo,ilaalchaa fi

amantii,jaalalaa fi jibba, gootummaa fi luuynummaa, walumaagalatti haala jiruu fi jireenya hawaas-dinagdee fi siyaasaa kan ittiin waliif dabarsan

jechuudha.Mirrigni ulaagaa mataa isaa danda'e qaba.Akka maanguddoonni aadaa ja'anittis, gosti tokko ta'e walitti hin mirrigu. Sababni isaas mirriga keessatti jachaan wal tuquun waan jiruuf, namni tokko ammoo gosa isaa tuquu waan hin barbaanneefi.

Akkasumas,joollee damiina(jiraa gosaatti) hin mirrigamu; walitti mirriguun kan danda'amu warra umrii fi sadarkaan wal madaalu jiddutti.Asirratti garuu wanti hubatamuu qabu kukummii fi dargaggoonni walitti mirriguu hin danda'an jechuu miti.Mirriysaa kana yeroo baay'ee kan mirrigu maanguddoota yaadaan bilchina qabaniidha. Sirnicharrattis alangaan bakka guddaa qaba.

Maanguddoon gosaa alangaa qabachuun mirriga.Yeroo mirriganis akkaataa ittiin jalqabanii fi xumuran qaba.Tooftaa dabareen itti wal afaanii fuudhan qaba.Kuni ammoo gosoota afoolaa kanneen biroorraa kan adda taasisu keessaa isa tokko.Walaloon mirriysaa armaan gadiitiis isuma kana ibsa:-

"Amma dhagahii, dhaggeeffadhuu

Guurii gurraa fudhadhuu,

Bakka manguddoon gosaa bultee

Mirriysaadhaan beekanii,

Bakka wadaajni bulees

'Mirrigsaa ykn Mirrissa'

'Mirrigsaa ykn Mirrissa'

'Mirrigsaa ykn Mirrissa'

Shubbisaadhaan beekanii,

Bakka guuzni gaariin oolee

Darasumaan beekanii Akkanan jechuu beekaa kunoo Waani naan jettuun eegaa."Jachaa mirrigu.Kun kan agarsiisu,wadaajni kan yeroo nama tokko haalaan dhukkube yookaan balaan uumamaa fi kan biroo nama qunnameef akkasumas,nama du'eef

kan sirni kadhannaa(Rabbi kadhachuu)itti gaggeeffamuudha. Darasii yookaan daraashiin

ammoo weedduu aadaa kan yeroo guuzaa(daboo)bakka hojii lafa qonnaatti wal mirqaansuuf sirban

(weeddisanii)dha.Kana malees bakka jiraan gosaa dhimmoota hawaasummaa fi rakkoolee jiran

hiikuuf bakka walgahanitti ni mirrigu. Gama biraatiin namni tokko kophaa isaa yeroo dheeraaf sirbee akka namoota dhaggeeffatan hin

hifachiifnee(mufachiifneef) mirrigatti ni affeera.

Akkana jechuudhaan:-

"Waa xiqquman mirriysaa

Wahiin hedduu dheeressaa,

Silaa yaa tuujii garbaa

Asittiin dhagaa darbaa," jechuun mirriga xumuruu isaa ibsa.Gama biraatiin mirriysaan kan mirrigamu yeroo baay'ee nama lama gidduutti. Bakka ummanni hedduun jiranittilee dabaree dabareedhaan walirraa fuudhuun lama lamaan

mirrigu malee gamtaan hin mirrigamu. Himoonni

yookiin gaaleewwan mirrigni ittiin eegalamanii fi xumuramaniis kanuma dhugoomsa.Murni

'Hayyee' jachaa jalaa qabuun qofa walaloo mirriysaa waa'elcha. Asirratti waanti hubatamuu

qabu namni tokko kophaa isaa mirriysuu ni danda'a.Mirriiysaan quuqaa garaa keessaa ol baafatanii himachuuf,duudhaa ittiin ibsachuuf akkasumaas gootummaan ittiin dhaadachuu fi luuynummaa ittiin

balaaleeffachuufiis akkanatti mirrigama:-

"Amma dhagayii dhageeyfadhu,

Guurii gurraa fudhadhu.

Gaangeen hin saggaartuu,

Yoo bulloo taate malee,

Simbirroon loon hin nyaattu

Yoo cirrii taate malee

Tiitichii hin deeymuu,

Kanniissa taatuu malee.

Dubartiin ya'iin dheeyxu

yoo leelloo taate malee'

Hayyuun shilimiin qabu

Dhamaayyuu taatu malee."

Jachaa mirrigama.

Tuttuqaa roorroo alagaatiis mirriysaan akkanati

ibsatan:-

"Hilinxoo hiddaa qabe,

Hidda jabeenyaa qabe,

Holqa qiiqqee dhagaa,

Ani ulee dadhabee,

Doqni ooyloo dammeeyxe,

Ani reebee dadhabee,

Jeeyni qeerensa aaree,

qabbaneessuu dadhabee,

Arjaan galaana yaa'uu

Ani hidhee dadhabee

Akka ilmoo bineensaa,

An tutuqaa dadhabee."

Akka yuusaa waraboo

yaa saba koo,Waatu sarbaa na qabee,Akka madaa cinaachaa,

Ittiin rafuu dadhabee." Jachaa quuqama onnee isaa

waraanu ittiin buqqaafata.

Miira gootummaa cinatti godaannisa seenaa

akkasumaas hijaa diinni oromoo irratti raawwate mirriysaan anaannachaa himata.

Kan biraatiis akkana jachaa mirrigama:-

"Leenca gammaan qabanii

Nama nyaataaf dhabanii'

Arba oloo dheeysanii

Nama reebaaf dhabanii

Gaangee cancalli citee

Tani fuuloon ciccittee

Mogolee maa sakaalanii,

Loon abbaan tiiysu hateef

Gosa maaliif yaamanii,

Jiraa maa sigaalanii

Eegeen gaala conqollee,

Abbaan if dhaadu tollee"

Walumaagalatti ergaa haalonni jiruufi jireenyaan wal qabataniidha.

Mirrigni afoola quuqaa keeysa namaa jiru ittiin ibsatani.Taateen turte haala akkam keeysatti akka taatee fi haala taate booda tahe hima.Fakkeenyaaf afoola

Mirriga heeraa kana me ha laalluu.

Waajjiraan qunne gale

Bokkuun galamsoo gale

Halangaan niinni gale

Toomaan gabiiba gale

Afaanni ciroo gale

Shananuu wa humaani galee.

Halangaan Abbu qabaa

Toomaan Abaabuu qabaa

Jara duraa halangaan

Mala deebi'uuni qaba.

Afuriin odaa bule

Shaniin guutuu bule

Gara fuula 9 tti naanna'e

# Irreecha ...

Fuula 6 irraa naanna'e

Irreecha Bara 1991

Magaalaa Finfinnee irraa qofa konkolaataa guutuun gara namoota 60tu deemee irreefate. Waliigalaan namootni kuma 20 tahantu irraafatee gale. Karaa waldaa Maccaa fi Tuulamaas dubartoota shan tahanitti uffata aadaa uwwisuun fuudhanii akka deeman himu.

Bara 1992 fi 1993: Dargaggoonnii fi shamarran Oromoo wal walitti himuun kumaatamaan dhufanii irreefataa turan. Yerootti uummanni keenya dammaqee maalummaa Irrechaas hubate ture jedhan.

Obbo Alamaayyon ammoo bara 1993 deegartootni ABO fi ODP [Dh.D.U.O] walitti bu'anii waan tureef akka irreechi kan paartii kamiiyyuu hin taaneef irratti hojjetamaa turee furamuu himan.

Bara 1994: Lakkofsi namoota irreecha irratti hirmaatanii Miiliyoona tokko gahuu kan himan Obbo Dirribiin ergasii wagguma waggaan hanga adunyaa irratti dinqisiifamutti guddate jedhan.

kun hundi garuu hidhaa fi dhiibbaa hedduun booda akka tahe himu.

Irreecha bara 2000 as

Oromonni kaabaa fi Kibbaa, Bahaa fi Dhihaa wal tajjii irratti wal arguun waaqa galateeffatanii fi tokkummaa isaanii itti ibsani dha jedhan Obbo Alamaayyoo Haayilee.

Lakkoofsi namoota irrecha irratti argamanii biyya keessaa fi alaan turistoota dabalatee gidduu galaan Miiliyoona afuurin ol jedhe hayyoonnin dubbise lamaanuu.

Keessumaa Irreecha bara 2008 irratti namootni Miiliyoona jahaa ol tahan argamuu Obbo Alamaayyoon himu. Kanuma irraa ka'uun sirni Gadaa akka adunyaa irratti beekamu taasiseera jedhan.

Irreecha bara 2020

Haa tahu malee lubbuun namoota hedduu achitti waan darbeef bara darbe gara miiliyoona shanii kan tahutu argame jedhu.

Irreecha bara 2021

Irreechi pirotokolii koviid-19 eegee baay'inaa hirmaattota otoo hindaangessiin kabajama

Ayyaanni Irreecha Hora Finfinneefi Hora Harsadii baranaa Fulbaana 22fi 23 bara 2014 haala Biiroon Aadaafi Turizimii Oromiyaafi Gumiin Abbootii Gadaa Oromoo har'a Ayyaana Irreecha baranaa ilaalchisuun Magaalaa Adaamaatti mari'ataniiru.

Walittiqabaan gumichaa Abbaa Gadaa Jiloo Maandhoo maricha booda ibsa miidiyaaf kennaniin akka jedhanitti, Ayyaanni Irreecha baranaa (2014) kan Hora Finfinnee Fulbaana 22fi kan Hora Harsadii ammoo Fulbaana 23 kan haala pirokolii ittisa vaayirasii koronaa xiyyeeffannaa keessa galcheen kan kabajamu ta'uu ibsaniiru.

Ayyaanni Irreecha baranaa yeroo biyyattiin rakkoon nageenyaafi dhibeen koviid-19 keessa jirtutti waan kabajamuuf ummanni Oromoo ayyaanicharratti hirmaatu hundi nageenyasaafi fayyummaasaa eeggachuun akka qabus gorsaniiru.

Ayyaanni Irreechaa waltajjii nagaafi araaraati kan jedhan walittiqabichi, ayyaanichi duudhaafi aadaasaa eegee akka kabajamuuf hunduu gahee irraa eegamu bahachuun akka qabu dhaamaniiru. Irreechi baranaa kan nagaa, milkiifi jaalalaa akka ta'us hawwaniiru.

Barreessaan gumichaafi Abbaan Gadaa Tuulamaa Goobana Hoolaa gamasaaniin akka jedhanitti, Irreechi bara 2013 sababa dhibee Kovid-19n namoota murtaa'aniin akka kabajamu ta'uu yaasachiisaniiru.

Baranas dhibeen kun ittifufee waan jiruuf ummatni ayyaanicharratti hirmaatu hundi of eeggannoo barbaachisu hunda taasisuudhaan akka hirmaatuuf waamicha dhiyeessaniiru.

Fayyaa ummata keenyaaf dursa kennuuf jecha ayyaanni Irreecha bara darbee namoota muraasaan akka kabajamu ta'eera kan jedhan Abbaa Gadaa Goobanaan, Irreechi ayyaana ummataa waan ta'eef ummanni ayyaana Irreecha baranaarratti hirmaatu hundi of eeggannoo barbaachisu hunda akka taasisuuf dhaamsa dabarsaniiru.

# Birrii Miiliyoona ...

Fuula 1 irraa naanna'e

malatteefame taachaa Pirezidaantiin Yuunivarsiitii Dirree Dhawaa Dr. Ubaah Adam kan addeessan yoo ta'u Bakka bu'aan Hojigeggeessaa Dhaabbata Konistiraakshinii A.B Obbo Iizaanaan gama isaaniin Hospitaala Rifaraala Dirree Dhawaa guutumaan guutuutti xumuruun hojii jalqabsiisuuf waliigalteen galanii hojii ijaaramaa hafe dhibbeentaa 30 yeroo waggaa tokkoo fi walakkaa tti xumuruuf waliigalteen galanii deemanii yeroo qababeefitti xumuruun akka hojii jalqabuuf kan hojjattan taachaa addeessan.

# Jilli Itti Aanaa ...

Fuula 1 irraa naanna'e

kennamuu mala ta'a jedhu aanga'aan kun.

Sirna barnootaa haaraa kana keessatti Sirni Gadaa akka gosa barnoota tokkootti kutaa 1-8ti guutummaa biyyaatti akka kennamu himuun, adeemsa keessa garuu hanga kutaa ol-aanaatti itti fufee barsiifamuu haala itti danda'amu ilaalamaa deema jedhu.

Kana malees, barnooni aartii ilaallatus akka haaraatti sirna barnoota haaraa kana keessa galee kutaa tokkoffaa irraa kaasee ni kennamuudha.

Kanaan dura kutaa 9ffaa irraa kaasee kan kennamaa ture ICT (Information Communication Technology) akka sirna barnoota haaraa amma hojiirra ooluuf jiru kanaan kutaa 7ffaa irraa kaasee kennama.

Gosti barnootaa ogummaa qonnaa, mala jireenyaa, maanufaakcharing barattootaa cimsu kan kutaa 7ffaa irraa kaasee kennamus qaama sirna barnoota kanaati.

Sirni barnootaa haaraa kun hojiirra oolchuu maddiitti qulqullina barnootaa irratti xiyyeeffannoon kennamee hojjetamaa jiraachuu himuun, mosooma barsiisotaafi manneen barnootaa haaraa sadarkaa isaanii eeggatan ijaaruun qophaa'aa jiruudha.

# Dawweessaa ...

Fuula 7 irraa naanna'e

dhiphachaa waan jirtuuf of eeggannoon furmaata ta'uu si barbaachisa.

Akkamitti haadha manaakee gargaaruu dandeessaa?

1. Yaadashee akka sirriitti ibsattuuf jajjabeessi.

2. Hojii mana keessaa ishee gargaari.

3. Akka isheen yeroo dhuunfaa ishee qabaattu taasisi.

4. Walqunnamtii saalaaf yoo qophooftuu hintaanee danda'uu qabda. Dawweessaan fedhii saal qunnamtii ni hir'isa. Miirri ishee yeroo gadi bu'u fedhiin ishee faana waan baduuf, qaamaan itti dhiyaadhuu miira gaariitti akka deebitu godhi. Garuu yoo isheen wal qunnamtiidhaaf fedhii hin qabaanne hin rakkisiin. Karaa biraa ishee gammachiisuudhaan miira ishee deebsuufii ni dandeessa.

5. Ishee waliin deemi.

Fayyaa hindhabinaa

# 'MIRRIGAA ...

Fuula 8 irraa naanna'e

Guyyaa heera guutuu

Waajjiraan qunne bule

Yakkaan bakkatti !

Bilaan bakkatti !! ja'ee,

akkanaan heeraa bulee,

Diriiraan dhibba!! Ja'e

Dabaan dhibbaa shantam !! ja'ee akkanaan heeraa bulee,

Yakkaa goorootti dhaananii

Buunna bakka itti barbaadanii ja'ee haqa keessatti heeree,

Dalayaan gosa!! ja'e

Dheed- lammii ja'e !!

Oromoon tokko ja'ee muree,

Halkan waajjiiraan qunne bule

tana heertaa bule.Qabiyyeen mirrigaa kan ergaalee garaa garaa dabarsaniidha. Mirrigaan tokko yeroo mirrigu haala keeysa jiru san fakkaachuu danda'a. Taatee yeroo sanii gaafa mirriysu. Mirriiysi harargee yeroo bayyee kan inni jalqabuun:-

Dhagahii dhaggeeffadhuu

Guurii gurraa fudhadhuu,

Dardara keenya fixan

Filaa waan gaara ciisaa,

Shamarran keenya fixan

Callee waan gaara ciisaa,

Hawwan keenya fixan

Guftaa waan gaara ciisaa.

Maanguddoo keenya fixan

Aarrii waan gaara ciisaa,

Dhaladheellee hinagarree

Seenaatu natti odeessaa,

Afran Qalloo kiyya gaa

Dhiiga garaa na ciisa,

Yoomin galee gadi cisaa?" jachaa mirrigan.Garajabummaa qe'eefi lafa ummata Oromoorratti dhaqqabeen kan maatii fi hiriyyaansaa ajjeefameefi reeyfa isaallee arkatee awwaallachuu dadhabes akka armaan gadiitti mirriga.

**kutaa lammaffaan itti fufa**

# "Poostaa Adii Masaraa Mootummaa Adiif"

MM Abiy Xaalayaa deebii Preezdaantii Ameerikaa Joo Baayidaniif barreessan

Muummeen Ministiraa FDRI Abiy Ahimad Xaalayaa deebii Preezdaantii Ameerikaa Joo Baayidaniif barreessaniiru.

Gareen shororkeessaa ABUT naannoo Afaarii fi Amaaraatti daa'immanii fi dubartootarratti yakka garaa jabinaa raawwachuu, maatii guutuu ajjeesuu, qabeenya isaanii fi dhaabbilee hedduu barbadeessuu xaalayaa barreessaniin ibsaniiru.

Gochaa garaa jabinaa gareen shororkeessaa ABUT raawwateen daa'imman, dubartoonnii fi lammiileen nagaa hedduun haala hammaataa keessa jiraachuu eeraniiru.

Biyyoonni guddinarra jiran kan akka Ityoophiyaa Ameerikaarraa kan eegan giddugaltummaa hin barbaachifnee fi fedhii nama dhuunfarraa bilisa ta'e ta'uu akka qabu jedhan xaalaya isaaniin.

Oromiyaatti Guyyaa har'a Fulbaana 07 sa'atii 7fi daqiiqaa 7 irratti lammiileen Itoophiyaa hundii miidiyaa hawaasa isaanii wal jijjiru jedhameera.

Guyyaa har'aa Fulbaana 07 Jimaata bara 2014 sa'atii 7fi daqiiqaa 7 irratti duula "Poostaa adii masaraa adiiti" jedhun gaggeeffamaa jiru irratti lammiin hundii aantummaa isaa akka agarsiisuu waamichii dhiyaatera.

Guyyaa kana lammiileen Itoophiyaa biyya alaaf keessaa jiran pirofaayilii fuula miidiyaa hawaasa isaanii suura lama kana gadii jirutti jijjiruun duula kana kan deeggaran ta'uu isaanii akka ibsan Koreen Qindeessaa Biyyaalessaa Sosochii duula"Poostaa adii masaraa adiitti" jedhu EBC'tti himeera.

Lammiin hundii waamicha kanaa fudhachuun hojiirraa oolchuuniifi aantummaa isaanii agarsiisuu akka qaban gaafatamaniiru.

Xalayaan 'miiliyoona shan' Itoophiyaa irraa Pireezidant Joo Baayideniif barraa'u maal hima?

Dargaggootni Itoophiyaa akka biyyaalessaatti socho'uun haala qabatamaa biyyattiin keessa jirtu hubachiisuuf jecha, xalayaa miliyoona shan gahu sochii ''Poostaa Adii Masaraa Mootummaa Adiif'' jedhuun barreessuun mootummaa Ameerikaatti erguufi.

Qindeessaa sosochii kanaafi daarekterri 'Youth Empowerment Ethiopia' Obbo Alamaayyoo Seefuu BBCtti akka himanitti, dhugaa biyyattiin qabdu hubachiisuuf dargaggoonni miliyoona shanii ol tahan duula kanarratti hirmaatu jedhan.



Dargaggoonni baadiyyaa fi magaalaa jiraatan afaan danda'aniin ''miidhaa gama humnoota TPLF'n isaanii fi biyya isaanii irra gahaa jiru ibsuun xalayaa mootummaa Ameerikaaf barreessu,'' jedhan Obbo Alamaayyoon.

Naannoo Tigraayitti waraanni humnoota TPLF fi humna mootummaa federaalaa gidduutti erga jalqabee haalli dippilomaasii biyyattii isa duraa irraa jijjiirameera jedhu xiinxaltootni siyaasa biyyattii hordofan.

Mootummaan Itoophiyaa dhimma keessootti gidduu seenuun dhiibbaa taasiste jechuun Ameerikaa irra deddeebii kan himattu oggaa tahu, yeroo garagaraattis sosochiin 'harka keessan Itoophiyaarraa kaasaa'' jedhu mul'achaa tureera.

''Nuyi biyya lamaffaa hin qabnu. Kanaaf biyyi keenya akka diigamtu hin barbaannu. Dhimma biyya keenyaa ofumaan furanna. Ameerikaan gidduugalummaa Liibiyaa, Afgaanistaanii fi kaan keessatti goote irraa barachuu qabdi,'' jedhan Obbo Alamaayyoon.

Xalayaan akka kanaa kana dura waan barame miti - Obbo Alamaayyoon akka jedhanitti xalayaan kun hundi kan barbaachiseef uummatni biyyattii mootummaa Itoophiyaa cinaa jiraachuu hubachiisuuf jecha ''Poostaa Adii Masaraa Mootummaa Adiif'' jechuun barreessuu jalqaban.

''Carraa miidiyaa hawaasaa fayyadamuu warri qaban karaa miidiyaa hawaasaa, kaan ammoo baadiyaatii carraa kana kan hin qabne ammoo xalayaa barreessuun ergatu. Xalayaan filamee ergamuu fi hafu hin jiru. Hundumaa ni ergina.''

Ameerikaan waraanni dhaabbachuun qaamoleen lamaan akka gara mariitti dhufan irra dedeebiin waamicha gootus, mootummaan Itoophiyaa Ameerikaa dabalatee hawwaasa idil-adunyaa fi midiyaalee idil addunyaa irratti loogiin komata.

US naannoo Tigiraay keessatti sarbamni mirgoota namoomaa gaggeeffamaa jira jechuun deeggarsa namoomaan ala kaan biyyattii irraa kuttee jirti.

Lammiileen Itoophiyaa biyya keessaa fi ala jiranis dhiibbaa gama Ameerikaan jiru haa dhaabbatu jechuun hiriira bahuun yaada isaanii ibsataa turan.

Xiinxaltootni siyaasaa BBC'n yeroo adda addaatti dubbise, biyyattiin gama dippilomaasiin 'kuftee jirti' yaada jedhu kaasu. Dhugaa qabdullee akka tahutti hin hubachiisne jedhu.

Kanaan wal qabatee tibbana sosochiin akka biyyaalessatti dargaggootaan jalqabames dhiibbaa Ameerikaan Itoophiyaa irratti gootu akka xiqqaatuu fi dhugaa jiru hubachiisuuf akka tahe himameera.

Guca xalayaa ergamuu dargaggoonni guutaa jiran keessaa

Xalayichi maal hima?

Dippilomaasiin kana dura mootummoota biyyoota adda addaa gidduutti yeroo godhamuu fi rakkoon yoo jiraates karaa qondaalota isaanii ibsamuun beekama.

Amma haalli dippilomaasii isa durii irraa guddachuun mootummaa irraa gara mootummaatti qofa kan beekamu; gara uummataa gara uummataatti yookaan uummata irraa gara mootummaatti cehee waan jiruuf, hojii kana eegalle jedhan Obbo Alamaayyoon.

''Nuyi ijoollee waaqaa mitimoo? Nuyi biyya lammaffaa hin qabnu. Maaliif dhiibbaa nurraan geessu jennee gaafachuu barbaanna.''

Dargaggooni naannoo waraanni humnoota TPLF miidhaa geessise jiraatan miidhaa ofii, qabeenyaafi maatii isaaniirra gahe himatu. Waan ijaan arganis tahe waan isaanirra akka dhunfaatti gahe akka himanii barreessaniis dadammaqsaa jirra jedhan.

''Mootummaan Itoophiyaa gar-tokkeen dhukaasa dhaabee ture. TPLF garuu waraanicha babal'isuun naannoo Affaar, Gaalikoomaa irratti, Gondaritti, Walloo Agamsaatti haleellaa namoota nagaaa irratti raawwatee ajjeese.''

''Seera waraanaa idil-addunyaa cabsuun TPLF manneen barnootaa, manneen amantaa, manneen yaalaa mancaasaa fi gubaa ture. Warra xalayaa kana barreessan baay'eenis naannoo kana kanneen jiraatan taha. Suuraadhaan deeggaruun barreessu.''

Himata irratti dhiyaatu kana yeroo adda addaatti TPLF hin raawwanne jechuun waakkataa ture. Mootummaa Ameerikaa dabalatee dhaabbileen UN Naannoo Tigiraay keessatti sarbamni mirga namoomaa qaamolee lamaaniin raawwataniiru jedhan.

Xalayaan miliyoona shan barraa'u kun gaafa Fulbaana sadii kan jalqabe yoo tahu hanga Fulbaana 15tti ni xumurama jedhamee eegama. Xalayaan kun akka ergaan isaa qaama barraa'eef biratti hubatamutti afaan Ingiliffaan barraa'a jedhan Obbo Alamaayyoon.

Namoonni Afaan Ingiliffaan barreessuu danda'an Afaanuma kanaan; kan hin dandeenyeef ammoo hiikameefii yaadni isaanii dhiyaata jedhan. Xalayichis poostaadhaan kan ergamu taha.

Obbo Alamaayyoon sochii kana kan qindeesse mootummaa akka hin taanes dubbachuun, baasiin isaas dargaggootumatu danda'a jedhu.

''Dargaggoonni xalayaa barreessan baasii isaa dandahuun gara keenyatti ergu,'' kan jedhan Aabba Alamaayyoon ''Deeggarsi yoo nu barbachise gaafanna malee, kun kaka'umsa dargaggootan kan raawwatu taha,'' jedhan.

''Lakkoofsi hanga kanaa kan barbaachiseef ammoo uummatni keenya sadarkaa gadii irraa ka'ee hanga oliitti mootummaa cina jiraachuu isaa akka hubatan godha jennee amanneeti.

Addatti waan jijjiiru jiraatef osoo hin taane, dhugaa jiru akka hubatan dhiibbaa godha jennee yaadneti.''

Waraanni naannoo Tigiraayitti humnoota TPLF fi mootummaa Itoophiyaa gidduutti Sadaasa bara 2020 jalqabe lubbuu kumaatamootaa galaafachuun miliyoonaan ammoo qe'ee irraa buqqiseera.

Ameerikaafi Itoophiyaan hariiroo jabaa waggoota 100 ol lakkoofsise waliin qabu. Haa tahu malee erga yeroo dhiyoon as hidha guddicha Itoophiyaa fi waraana naannoo Tigiraayiin wal qabatee hariiroon isaanii akka jalqabaa sanatti deemaa hin jiru.

Ameerikaan hidha haaromsaa ilaachisee Masiriif loogdi jechuun mootummaan Itoophiyaa komataa ture. Biyyattiin Ameerikaa irraa wagga waggaan deeggarsa namoomaa miliyoonotaan argatti.

Dhiyeenya garuu deeggarsa humna waraanaa Itoophiyaaf gootu dhaabuu ishee Ameerikaan beeksifteetti.

Maaddi BBC afaan Oromooti.

# Adeemsa hiika heeraa kennuu

Ka'umsa

Heerri seeraa olaanaa biyyi tokko ittiin bultuufi lammiileen biyyattii marti karaa nagayaan waliin jiraachuufi misoomuuf sanada waliigaltee waliif mallatteessaniidha.

Adeemsi hiika heeraa kennuu akkamiin fi eenyuun raawwata ia jedhurratti ragaa guutuu Abbaa Alangaa Waliigalaa Federaalaa mootummaa RFDI irraa argame akka armaan gadiitti dhiyeessineerra.

Biyyi tokko akka biyyaatti daandii sirriirra dhaabattu, mirgootni namoomaafi dimokiraasii keessatti akka kabajaman, akkasumas ngaeenya, misoomaafi dimokiraasiin keessatti dagaage akka ittifuftuuf heerri gahee olaanaa kan qabudha.

Keessumaa ammoo biyyootni sirna dimokiraatawaa federaalaatiin gaggeeffaman mootummaafi sirni mootummaa cimaa ta'e diriirsuutiin dameewwan hundaatiin guddina galmeessisaniiru.

Adeemsi heera biyya tokkoo karaa sirriin itti raggaasifamu, galmi, caasaafi qabiyyeensaa, akkasumas hiikniifi sirna fooyya'insaarratti hubannoo sirrii qabachuuf jalqabarratti maalummaa, hiikaafi qabiyyee heeraa beekuun barbaachisaadha.

Maalummaa heeraa

Yeroo ammaa namootni waa'ee biyya keessa jiraatanii ykn dhimmoota heeraa biyyoota biroo karaa tokkoonis karaa biroonis kaasanii wayita dubbatan dhagahamu. Namootni hedduu jecha "Heera" jedhu jireenya guyyuusaanii keessatti wayita ittifayyadaman ni mul'atu. Waa'ee mirgaafi dirqamasaanii yoo dubbatan, waa'ee dhimma tokkoo yoo barreessan, dhimmasaaniirratti manneen murtiitti yoo falmaniifi kanneen kana fakkaatanirratti si'a fayyadaman jecha kanatti dhimma bahu. Kunimmoo heerri lammiilee mara biratti fudhatama kan qabu ta'uusaa mul'isa jechuudha.

Sadarkaa yaadrimeetti heerri mootummaa ijaarsa sirna dimokiraasii, bulchiinsa gaarii, guddinaafi kufaatii misooma dinagdee, eegumsaafi qabiinsa mirga namoomaa waliin kan walqabatuudha. Kanaaf itti fayyadamuun dura maalummaa heera mootummaa sirriitti hubachuun/beekuun murteessaadha.

Kanarraa ka'uun gaaffii, "Heera jechuun maal jechuudha?" jedhuuf deebii sirrii kennuun murteessaadha. Hayyootni damee kanaa maalummaa heeraa gama lamaan hiika kan itti kennan yoo ta'u, kunis ija seeraafi siyaasaan kan ilaalamu ta'uusaati.




Hiika Heeraa Ija Seeraan:- Heerri, seera olaanaa biyyi tokko ittiin bultudha. Kunis heera jechuun seerota biyyattiin qabdu keessaa isa guddaa ta'uusaati. Seerri biyya tokko keessatti bahu heera mootummaatiin gadi ta'uu waan qabuuf, seerotni bu'uura heera mootummaa faallessaan baanaan fudhatama kan hinqabne ta'u. Kunimmoo seerotni wayita qopheeffaman heeraarratti hundaa'uu akka qaban mul'isa.

Hiika Heeraa ija siyaasaan: Heera jechuun uummatootni biyya tokkoo waliin jiraachuuf walii waliisaanii gidduutti, akkasumas mootummaa waliin waliigaltee taasifamudha. Kana jechuun ammoo hojiilee biyyattiin qajeelfamaan ittiin gaggeeffamtu sanada waliigalteesaaniin qopheessaniifi raggaasisaniidha.

Haala qabatama Itoophiyaatiinis heerri mootummaa Ripaabilikii Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa(RFDI) waadaa waliigaltee sabootaa, sablammootaafi calaqqee birmadummaasaaniiti.

Akka kuusaan hiika jechoota seeraa 'Bilaaksi lowu' jedhamu ibsutti, heera jechuun sirna mootummaa biyyi tokko ittiin hundeeffamtu, gaggeeffamtuufi ittiin bultu, akkasumas caasaaleen mootummaa itti ijaaraman, karaa itti aangoo ummataa dabarsaniifi yeroo turtii mootummaa itti daangessaniidha. Kunis yoo ilaalamu heerri mootummaa bu'uura seeraa biyyi tokko ittiin gaggeeffamtuufi bultu yoo ta'u, kunis caalaatti akkaataa caaseffama mootummaa, qaamoleen mootummaa itti ijaaraman, waa'ee amalootaafi akkaataa aangoon ummataa itti kennamu kutaa itti tumamuudha.

Kana malees heerri daangaan aangoo qaamolee raawwachiistuu hangam akka ta'e kan eeruufi mootummaanis haala itti walabummaa aangoosaa ittiin hojiirra oolfatu ta'uusaa ibsudha.

Akkasumas, heerri aangoon mootummaa hangam imaanaa ummataa guddaa ta'eefi wantoota daangeffamuu qaban kan ofkeessatti qabatudha. Walumaa galatti heerri haguuggii seeraa mootummaa biyyi tokkoo qajeelfamootaafi danbiiwwan bu'uuraa baafattee ittiin bultudha.

Heera hiikuun maali?

Akka kuusaan jechoota seeraa 'Bilaaksi lowu' ibsutti, hiikaa heeraa jechuun hojmaata ykn ogummaa yoo ta'u, kaayyoonsaa amalootaafi hojmaata jechoota keessatti haguugamanii jiran ibsuudhaafidha. Seera tokko keessatti waliigalteefi ergaawwan jechoota keessa jiranii ifatti mul'isuu danda'uudha.

Haa ta'u malee hiikni jechootaa wayita hojiitti hiikaman salphaa miti. Rakkooleen hiika jechootaa waliin walqabatanii akka maddaatti fudhatamanis mudachuu waan danda'aniif beekumsa afaaniifi seeraa qabaachuun murteessaadha.

Barbaachisummaa isaa:- Heerri mootummaa amalumasaatiin seera waliigalaa kan ta'eedha. Haguuggii seeraa, qajeelfamootaafi danbiiwwan biyyi tokko ittiin bultu kan ofkeessatti qabatudha. Qajeelfamoota waliigalaa kanneen ammoo sirnaan hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun heerri biyyoota addunyaa martuu wayita hiikni seeraa itti gaafatamu kan mudatu ta'uusaa hubachuun murteessaadha.

Heera mootummaa dabalatee seerotni martuu sirna, malaafi qajeelfama itti hiikaman ni qabaatu. Heerri mootummaa sababoota addaddaatiin akka hiikamu dirqisiifama. Hiikni heeraa kan kennamu irra caalaatti ibsuuf, walitti bu'iinsaafi qaawwi seeraa akka guutamu gochuufidha. Heerri mootummaas seera waan ta'eef amaloota seeraa uumamaan jiran keessaa dimshaasha kan ta'eefi kallattii gara fulduraa kan agarsiisu ta'uusaati.

Seera tokko hojiirra oolchuuf ammoo seerichuma hiikuun dirqamadha. Seerri ammoo dimshaasha ta'ee qajeelfamoota garmalee walirra tuulaman ofkeessatti waan qabatuuf tokkoon tokkoon tumaalee sirriitti ibsamuu qabu. Tumaawwan heera mootummaa sirriitti hin ibsamne hubachuuf rakkisaa waan ta'eef, caalaatti ibsuufi lammiileen akka hubatan gochuuf hiika heeraa kennuun dirqamadha.

Gama biraan ammoo heerri mootummaa haala yeroo waliin akka deemu gochuuf hiika heera kennuun barbaachisaa yoo ta'u, wayitiin amma keessa jiraannu kunis haalaan jijjiiramaa kan jiru ta'uusaa beekamaadha. Sirni gilobaalaayizeeshinii addunyaas daangaa hanga daangaatti babal'achaa waan jiruuf biyyoota addunyaa maraa gara mandara tokkootti fiduu danda'eera.

Heerri mootummaa amalumasaatiin yeroo dheeraaf kan tajaajiluufi akka seerota idileen biroo fooyyessuuf rakkisaa ykn adeemsi heera fooyyessuu walxaxaa, akkasumas xiinxala gadi fagoo kan gaafatu waan ta'eefidha.

Kana waan ta'eef jijjiirama addunyaa waliin deemuudhaaf qajeelfamoota heera mootummaa keessatti taa'an haala yeroo waliin akka deemutti hiikuutiin hojiirra oolchuun murteessaadha.

Kana malees olaantummaa heerri biyya tokkoo qabu namni martuu itti amanee akka fudhatuuf hiika heeraa kennuun barbaachisaadha. Olaantummaa heeraa wayita jedhamus biyyattii keessatti heerri mootummaa nama kamiyyuufi qaamolee mootummaatiin, akkasumas angawootni mootummaa akka bitamaniif ykn dirqisiisuuf humna qaba jechuudha. Aangoofi ittigaafatamummaan qaama mootummaa kamuu jechuunis seera baastuun, raawwachiistuufi seera hiiktuun heera mootummaarraa kan madde ta'uusaati.

Kanaaf aangoofi ittigaafatamummaansaanii wayita hojiirra oolchanitti heera mootummaa kabajuufi kabachiisuuf dirqama qabu. Yeroo tokko tokko namootni dhuunfaafi qaamoleen mootummaa osoo beekaniis ta'u hinbeekiin gochaafi murteewwansaaniitiin heera mootummaa kan faallessan fakkaatu. Yeroo gochi akkasii raawwatu ammoo olaantummaa heeraa mirkaneessuuf jecha hiika heeraa kennuun dirqama ta'uusaa hubatamuun irra jiraata.

Inni kan biraa keeyyattootni heera mootummaa si'a walitti bu'an dirqama heera hiikuu gaafata. Kunis yeroo tokko tokko keeyyattootni heera mootummaa ykn boqonnaa kan wal hinsimanne yoo ta'e hojiitti hiikuuf ni ulfaata. Gama biraan ammoo namni ykn dhaabbatni kamuu keeyyattoota heera mootummaa hojiirra oolchuuf dirqama qaba. Walitti bu'iinsota keeyyattoota heera mootummaa gidduutti uumaman furuuf ammoo hiika heeraa kennuun barbaachisaadha.

# Ispoortii



## Atleet Daraaraa Hurrisaa, kophee inni kaawwatee ture ol ka’inni isaa hanga heyyamameerra seentimeetira tokkoon kan furdate ta’uun isaa erga argame injifannoon isaa haqameera.

Atileet Daraaraan dorgommii kana sa’aatii 2:09:22 keessatti yoo xumurus, dorgommichi xumuramee daqiiqaa 45 booda seera dorgommii cabseera jedhamuun bu’aan isaa kun haqameera.

Qopheessitoonni dorgommichaa, kophee atileetonni kaawwachuu qaban faanni isaa furdina seentimeetira afur ta’uu qaba jedhu. Kophee atileetichi kaawwatee ture garuu furdina sm5 qabaachuu isaa, qopheessitoota dorgommichaa eeruun Reuters gabaaseera.

Dabalataanis atleetiin kun dorgommiin eegalamuu isaan dura unka guute irratti kophee galmeeseerraan kophee adda ta’e kaawwatee akka dorgommii seenee ibsameera.

“Walga’ii teeknikii irratti dhimma qajeelfama kophee irratti xiyyeeffannoon mari’anneerra. Akka carraa ta’ee bu’aa atleetichaa haquu malee filannoo biraa hin qabnu,” jechuun qindeessaan dorgommichaa Haansi Laanger himaniiru.



“Wanti akkanaa yemmuu uumamu kun kan jalqabaadha. Dorgommii irratti kana booda wanti akkanaa akka hin uumamneef dursamee hojiin qorannoo ni jaraata jedheen abdadha,” jechuun qindeessaan kun ibsaniiru.

Atleet Daraaraatti aansuun sadarkaa lammaffaan dorgommicha kan xumure lammiin Keeniyaa Liyoonaard Laangaat injifataa dorgommichaa ta’eera.

“Bu’aan atleetichaa haqamuu isaa hin dhageenyen ture. Dorgommicha injifachuuf karoorfadheen ture. Dhumaratti injifachuu koon Waaqan galateeffadha, “ jedha atleetiin Keeniyaa Liyoonard.

Dorgommiin kun waggaa waggaan baatii Ebla keessa gaggeefamaa kan ture yoo ta’u, waaqxii kana keessa gaggeeffamuu isaa atleetonni hedduu mormanii turani. Sababiin isaas ho’iinsi cimaa dha.

Maratooniii walakkaa irratti hirmaatee kan ture atleetiin tokkos lubbuun isaa darbuu himameera.

Qopheessitoonni dorgommichaa akka jedhanitti, atleetiin lammii Ostiriyaa ganna 40 kun, dorgommii erga xumuree booda of walaallee erga hospitaala seenee lubbuun isaa darbe.

Qindeessittoonni dorgommichaa du’a atleetichaan gadduu isaanii ibsuu irraa kan hafe wanta du’a isaaf sababa ta’e irratti odeeffannoo dabalataa hin kennine.

## Kiristiyaanoo Ronaaldoo sagalee hoolotaa baqachuuf mana paawondii mil. jahaa keessaa bahe

Gara Maachistar Yunaaytid deebi’uun Kiristaanoo Roonaaldoo, xiyyeeffannoo addunyaa argateera Ronaaldoon mana abbaa kutaa ciisicha torbaa kan taphataa duraanii Maanchister Yuunaayitiditti galuun sagalee iyya hoolotaa obbaafate.

Gareen nageenyaa Ronaaldoon yeroo gara kilaba isaa duraaniitti deebi’u maatii isaa waliin mana paawondii miliyoona jaha baasutti isa galchan.

Haatahu malee, taphataan ganna 36 Ronaaldoon haadha warraa isaa Joorjinaa Roodirigee umuriin ishee waggaa 27 taateefi ijoollee isaa arfan waliin, torban tokkoo keessatti sagalee hoolotaa isaan jeeqeefi sodaa nageenyaa irraa kan ka’e gara



mana biraatti jijjiirratan.

The Sun maddeen isaa irraa odeeffachuun akka gabaasetti, manichi baay’ee bareedaafi dirree, mukeen kan qabu tahus, hoolota ganama ganama mar’atan baay’eetti dhiyoo jira.

‘’Karaan uummataa keessa darban jira. Daandiin fuuldura isaa jiru ammoo balbala keessaan waan jiru mul’isa.’’

‘’Ronaaldoon taphaan booda yeroo dheeraa

Gara fuula 4 tti naanna’e

## Joorjiiniyoon Erga Badhaafame booda bilbila Viidiyoodhaan Riyoo Fardinaandi irraa bilbilameef irratti cufe.

Joorjiiniyoon Taphataa cimaa waggaa ta’uun badhaasa erga fudhate booda yeroma sana taphataan maanchistar yuunaaytid duraanii istuudiyoo iskaay ispoorti keessa taa’uun bilbila viidiyoo gaafii fi deebi’ii gaafachuuf jecha irratti bilbile irratti cufuu isaa waraabbii yeroo sana waraabe sooshaal miidiyaa irratti gad lakkisuun kolfaan addunyaa garagalche.

Mootorri sarara gidduu cheelsii kun bara 2019 keessa gaafa inni beenchii irra taa’uun teessoo ho’isu sanatti miidiyaaleen hedduu fi Riyoo Fardinaandi dabalatee mata duree oduu isa gochuun irratti hanjamaa turan, kana hunda obsaan dabarsee taphataa cimaa waggaa kan awrooppaa ta’e badhaafamuun kaadhimamaa baalaandorii ta’e



Joorjiiniyoon yeroo gaddisiisaa sanatti namoota kun taphataa kubbaa miilaa, dandeettii kam qabaaf gara ingilaandi sanuu kilaba guddaa cheelsitti imale jechuun jiruu isatti busheessaa turan hunda yeroo ammaa kanatti deebi’ii quubsaa kennaafi jira.

Joorjiiniyoon dheengadda Zeeniit erga injifataniin waraabbii yeroo inni fardinaandi irratti cufu mullisu Tiiktook irratti gad lakkisuun xiinxalaa ispoortii beekkamaa kana Saalfachiise.

Baga itti Cabsite Joorjiiniyoo isaan Teessoo irra taa’uun carraaqqataa hunda guyyaa duraa balleessuu kana jaalatuu

JAALALAA FI DHIIFAMAAN IDAA’AMUUN BU’URA JABAA AMNA BADHAADHINA KEENYAATI!!